

SAKATTA'A RAAWWII DANDEETTIWWAN BARREESSUU

AFAAN OROMOO BARATTOONNI MANA BARUMSA

BISHAAN GURRAACHAA KUTAA 9FFAA QABAN

ABDALLAA KADIIR HILLOO

YUUNIVARSIITII DILLAA

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMATTI

MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO

HAGAYYA 2014/ 2022

DILLAA ITIYOOPHIYAA

SAKATTA’A RAAWWII DANDEETTIIWWAN BARREESSUU AFAAN OROMOO BARATTOONNI MANA BARUMSA BISHAAN GURRAACHAA KUTAA 9FFAA QABAN.

ABDALLAA KADIIR HILLOO

GORSAAN: ZALAALAM A. (PhD)

QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA’E

.

YUUNVARSITII DILLAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA, MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO

HAGAYYA 2014/ 2022

DILLAA ITIYOOPHIYAA

Yuunivarsiitii Dillaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa (Duraatiin Booddee)

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Og-barruu Oromoo ittiin guuttachuuf qorataan Abdallaa Kadiir Hilloo, mata-duree “Sakatta’a Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu Barattoonni Mana Barnoota Bishaan Gurraachaa Sad 2ffaa Kutaa 9ffaa Qaban”, jedhu sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____Mallattoo _____ Guyyaa_____

Qoraa Keessaa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

Gorsaa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

_____

Itti gaafatamaa muummee yookiin qindeessaa digrii lammaffaa

WARAQAA MIRKANEEFFANNAA

Qorataan maqaafi mallattoon armaan gaditti ibsame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu isaa ibsaa, qorannoon kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf fayyadame hunda isaanii wabii keessatti barreessuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa: Abdallaa Kdiir Hilloo

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

AXEERARA

Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni guddaan Sakatta'a raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa irratti qaban qaaccessuudha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf,qorataan ragaawwan qorannichaa funaanuuf mala qorannoo makoo gargaaramee fayyadamuun kan gaggeeffame Kun mala qorannoo akkamtaafi ammamtaa ofkeessatti kan qabateedha. Qorannoo kana qorataan wayta gaggeesu akaakuu iddatteessuu al-carraa keessaa iddatteessuu kaayyeffame barsiisotaaf akkasumas,iddatteessuu carraa keessaa akaakuu iddatteessu carraa tasaa barattootaaf fayyadamuun raawwatame. Ragaan barsiisota sadii (3), barattoota jahatama (60) fi dura bu'oota lamaa (2) irraa walitti qabameen xiinxalamee jira. Ragaaleen meeshaalee odeeffannoo funaanuuf gargaaran keessaa bargaafilee banaafi bargaafilee cufaa, Ragaan bargaafilee cufaan waltti qabame mala qorannoo ammamtaan kan xiinxalame yoo ta'u, kunis dhibbeentaafi irra-deddeebii fayyadamuun ibsameera. Ragaan gaafilee banaa mala akkamtaatti fayyadamuun kan xiinxalamee yoo ta'u, yaada deebiistootaa wabeeffachuun ibsameera. Kana malees, ragaan sakatta'insa dookmantiin walitti qabame akkamtaatti fayyadamuun xiinxalamee jira. Bu'aan qorannichaa akka agarsiisuttti, rakkoolee raawwii dandeettiiwwan barreessuu bifa tokkoon kan gaggeeffamuu miti Sadarkaalee dandeettiiwwan barreessuu tokkoon tokkoon isaanii irratti haala walitti fufaa ta'een madaalliin hingaggeeffamu. Kana malees, barsiisotniifi barattootni rakkoolee dandeettiiwwan barreessuu irratti qaban furuudhaaf xiyyeeffatanii kan irratti hin hojjanne ta'uusaat. Rakkoolee dandeettii barreessuu kana furuun hojirra oolchuuf rakkoowwan jiran keessa ammo hanqinni yeroo, waytiin barsiisotatti baay'achuu, barsiisotni barattoota haalaan hordofuun dandeettiiwwan barreessuu gama hundaan akka shaakalan too'achuun akka hojiirra olchan taasisuuf, fedhii dhabuu, qajeelfamni kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa haala ifa ta'een qophaa'ee barattoonni dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffannoon akka shaakalan ta'uu dhabuu isaan kanneeen ijoo ta'aniidha. Dhuma irrattis, argannoowwan irratti hunda'uun haala shaakalli rakkoolee dandeettii barreessuu Afaan Oromootiin akka hojiirra ooluu danda'u mijeessuuf yaboon qorataan kennamee jira.

GALATA

Duraan dursee gorsaa koo Dr.Zalaalam Abbabaa yeroo mata-duree qorannoo kanaa filadhuu kaasee hanga dhumatti gorsaafi deeggarsa addaa naaf godhaa ture galatoomaan jedha. Osoo hin nuffin nagargaaruu, najajjabeessuu, duub-deebii naaf kennuufi nahubachuu isaaniitiin qorannoon koo galma waan ga'eef ammas irra deeb'ee baayée haagalatooman jedha.

Itti aansuun hojiin kun akka fiixaan naa ba'uuf kompiiteera tola naakennuun kan nacinaa dhaabbatan Guddataa Hasoo galanni keessan guddaadha. Akkasumas hojii qorannoo kanaatif deeggarsa karaa hundaan naagootaniif dura taa'aafi Itti Aanaa Dura bu'aa Mana Baruumsaa Bishaan Gurraachaa sad.2^{ffaa} kan ta'an galatoomaa jedhaan.

Dhumarrattis, maatii koofi hiriyyoottan koo kanneen dalagaa kana irratti nacinaa dhaabbattan hundaan galatoomaa jedha. Akkasumas, barattootafi barsiisota odeeffannoo dhugaa ta'e naaf kennuudhaan nadeeggaran hunda baay'een galatooffadha.

TARREEFFAMA GABATEEWWANII

Gabatee 4.1 Wantoota raawwii dandeettiwwan barreessuu keessatti dhiibbaa fidan 30

Gabatee 4.2 Qaaccessa Raawwi Dandeettiiwwan Keeyyata barreessuu keessatti hanqinnoota barattoota irratti mul'atan. 33

Gabatee: 4.3, Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa keessatti dandeettii barreessuu hojii garee shaakalchiisaniifi hin shaakalchiisne gabateedhaan yemmuu agarsiifamu 44

Gabatee: 4.4, Qaaccessa gilgaalota gosoota dandeettii barreessuutiin adda baasu..... 48

HIIKA JECHOOTAAFI GAALEEWWANII

Afaan Oromoo	**Afaan Ingiliffaa**
Akaakuu	Type /kind
Garee	Group
Akkamtaa	Qualitative
Dhiyaannaa	Presentation
Hammaamtaa	Quantitative
Iddattoo	Sampling
Seenduubee	Background of the study
Yaadrimee	Concept
Yaaxina	Theory

GABAAJEEWWANIIFI KOTTOONFACHIIFTOTA

Mataduree kana jalatti jechoota qorataan qorannoo isaa keessatti yaada isaa ittiin ibsachuuf gargaarame namoota biroo qorannoo kana dubbisaniif haala armaan gadiitti dhihaateera.

A/O .....Afaan Oromoo

B/s .....Barsiisaa

By …….. Baay'ina

DBB ……..... Dandeettii Barreessuu barattootaa

Dig…….Digirii

Lakk……..Laakkofsa

MG ……. Marii Garee

MG-B/t …… Marii Garee Barataa

Ms ……Masters

Sad.....Sadarkaa

M/b .....Mana Barumsaa

Ykn……yookaan

BAAFATA

MATA-DUREE **FUULA**

AXEERARA i
GALATA ii
TARREEFFAMA GABATEEWWANII iii
HIIKA JECHOOTAAFI GAALEEWWANII iv
GABAAJEEWWANIIFI KOTTOONFACHIIFTOTA v
BAAFATA vi
BOQONNAA TOKKO 1
1.SEENSA 1
1.1 Seenduubee 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa (Objective of the Study) 4
1.3.1 Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa 4
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa 5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa (Significance of the Study) 5
1.5. Daangaa Qorannichaa 5
1.6 Hanqinna Qorannichaa 6
BOQONNAA LAMA 8
2. SAKATTA'A BARRUU 8
2.1 Yaadrimee 8
2.1.1 Maalummaa Barreessuu 8
2.1.2 Akaakuu Gahumsa Barreessuu 9
2.1.2.1 Amaloota Barreeffama Gaarii 10
2.1.2.2. Xiyyeeffannoo 11
2.1.2.3. Guutummaa 11
2.1.2.4. Tokkummaa 11
2.1.3 Maalummaa Hojii Garee 12
2.1.4 Akaakuu Hojii Garee 13
2.1.5. Hanqinnoota Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu keessatti Nama Saaxilan 15
2.1.6. Qaamolee Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu Keessatti Gahee Murteessaa Qaban . 17

2.2 Yaaxina Qorannichaa 19
2.2.1 Yaaxina Caaseffamaa 19
2.3 Sakatta'a Barruu Firoomina 22
BOQONNAA SADII 24
3. MALLEEN QORANICHAA 24
3.1. Saxaxa Qorannichaa (Research Design) 24
3.2. Mala Qorannichaa 24
3. 3. Mala Iddatteessuu 25
3.3.1 Iddattoo Barattootaa 25
3.3.2 Iddattoo Barsiisotaa 26
3.3.3 Gaafiiwwan Barsiisotaafi Barattootaa 26
3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman 26
3.4.1. Bargaaffii 27
3.4.2. Af-gaaffii 27
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee 28
BOQONNAA AFUR 29
4. DHIYEESSUU, QAACCESSUUFI HIIKUU 29
4.1. Duubee OdeefKennitootaa 29
4.2.Xinxalaafi Ibsa Ragaalee Madda Garaa garaa Irraa Argaman 29
4.2.1 Qaaccessa Bargaaffii barattootaa kan mana barumsa Bishaan Gurraachaa. 29
4.2.2. Qaaccessa Afgaafii Barsiisota Mana Barumsaa Bishaan Gurraachaa Sadarkaa 2ffaa .. 37
4.3. Gabatee Kitaaba barataa Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa agarsiisu 43
BOQONNAA SHAN 52
5.CUUNFAA,GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA 52
5.1. Cuunfaa 52
5.2. Guduunfaa (Argannoo) 53
5.3. Yaada Furmaataa (Yaboo) 54
WABIILEE 56
DABALEE A 59
Gabatee: 5.1. Duubee odeefkennitoota barattootaa 59
DABALEE B 62

BOQONNAA TOKKO

1.SEENSA

Barnoonni afaanii dandeettiiwwan afaaniitiif shoora olaanaa qaba.Dandeettiiwwan kunneenis walduraa duubaan yommuu kaa'amu bakka gurguddaa afuritti qoodama. Isaanis, dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuudha. Dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbisuu odeeffannoo qabnu yookiin beekumsa namoota biroof dabarsuuf oolu. Barreessuun dandeettii dubbachuurraa tooftaa adda ta'een yaada kan ittiin ibsamu waan ta'eef ,baruu-barsiisuu keessatti tooftaa adda ta'e barbaachisaaf. Kun kan nuhubachiisu barsiisonni afaan Oromoo barsiisan barattoonni isaanii dandeettii barreessuu daran akka cimsatan taasisuuf gahee guddaa qabu.

Qorannoon kun mataduree "Sakatta'a Raawwii Dandettiiwwan Barreessuu barattoota kutaa 9ffaa" jedhurratti xiyyeeffachuun qorannoo kan gaggeefameedha. Qorannoon kun boqonnaa gurguddoo Shanitti kan qoodame yoo ta'u, Boqonnaa tokkoffaan; Seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaafi daangaa qorannichaa kan of keessatti hammatee jiruudha. Boqonnaa lammaffaan Sakatta'a Barruu Firoominaa , Boqonnaan Sadaffaan malleen Qorannichaa, Boqonnaan Afur Xiinxala Ragaalee, Qaaccessa gaafannoo barattootaa, Qaaccessa gaafannoo barsiisotaa, Qaaccessa gaafannoo dura bu'ootaa, Qaaccessa Doo'ii dareefi Qaaccessa Kitaaba A/O Kutaa 9^{ffaa} yemmuu ta'u, Boqonnaan Shanaffaa immoo Cuunfa, GuduunfaafiYaada Furmaataa (Argannoo)fi Wabiilee kan of keessatti hammateedha.

Walumaa galatti qorqnnoon kun mataduree "Sakatta'a Raawwii Dandettii Barreessuu barattoota mana barumsa Bishaan Gurraachaa Sadarkaa 2^{ffaa} tti Afaan Oromoo Kutaa 9^{ffaa} baratan " jedhurratti kan xiyyeeffate ta'ee boqonnaa Shanitti qoqqoodamee haala armaan gaditti kan hojjatameedha.

1.1 Seenduubee

Adeemsa afaan barachuu keessatti dandeettiin barreessuu isa tokkoofi kan bakka guddaa qabuudha. Dandeettiiwwn barreessuu adeemsa afaan barachuu keessatti iddoo olaanaa qabaachuu isaati. Itti aansees dandeettiiwwan afaanii keessaa sadarkaa kamirratti dandeettiin barreessuu akka argamu Mercer (1988: 171), yoo eeru"Barattoonni afaan dhalootaa isaaniitiin erga dhaggeeffatanii, dubbatanii fi dubbisanii booda barreessuu danda'u" jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubachuu

dandeenyu barataan afaan dhalootaasaatiin afaan hiikkate dandeettii barreessuu dhumarratti waan baratuuf baay'ee ulfaataa fi xaxamaadha.

Akka Mc Whorter (1997:45) ibsutti, Barattoonni dandeettii barreessuu sadarkaa qubeessuu, keeyyata barreessuu hanga barreeffama olaanaatti geggeessuuf unkaa fi qabiyyeesaa addaan baasanii beekuu dhabanaan dogoggorri addaa addaa uumamuu danda'a" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti dandeettiin barreessuu baay'ee ulfaataa ta'uu isaafi barattoonni (namoonni) yommuu barataniifi barreessan xiyyeeffannoo akka godhan gargaara. Dabalataanis, Siisaay (2002:2**)** akka ibsetti, "Yeroo kana barattoonni barnoota olaanaallee shaakala barreessuu keessatti qubeessuu, qubguddeessuu, hima sirrii ijaaruu, sirna tuqaalee, seerlugaa fi kkf irratti dogoggora uumu", jedha. Yaada barreessaa kanaarraa kan nuti hubannu namni barate tokko sadarkaa kamiyyuu barreessuurratti dogoggorri akka isa qunnamu agarsiiseera.

Rakkoo karaa xiinsammuu dandeettii barreessuu ulfaataa taasise, Byrne (1988), akka jettutti, " Dubbii afaaniin walbira qabdee ibsiteetti. Walquunnamtiin dubbii afaaniin ta'u uumamaan kan yeroo heedduu itti gargaaramnuudha. Yeroo dubbii afaanii dubbataafi dhaggeeffataan qaamaan walbiratti argamuun yaadeebii waliif kennuun wal sirreessuun ni danda'ama. Barreessuun garuu, gocha qofaa teenyee xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamuudha. Kanaaf yommuu barreeffamu yaadeebiin nama biraa hin eeggamu. Kunumti dandeettii barreessuu ulfaataa taasisuu danda'a.Kanaaf rakkoo xiinsammuu barataa furuuf barattoonni gochaalee waliin isaan hojjechuu danda'anitti gargaaramuun akka yaada waliif qoodan gochuun akka danda'amu eereera.

Haala waligaltee dubbii afaanii keessatti rakkoon xinqooqaa dandeetti barreessuu ulfaataa taasisu dhaggeeffataafi dubbataan fuulaafi fuulatti walargu. Kanaaf hirmaattonni kun adeemsa walqunnamtii irratti gargaarsa waliif gumaachu. Dubbataan yoo dogoggorellee dhaggeeffattootasaa ilaalee haala dubbisaa sirreeffata. Kanas haala dhaggeeffatoonni mul'isanirraa ka'ee sagaleesaa olkaasuun, gadbuusuun, irradeebi'uufi kanaafi kan kana fakkaatan gargaaramee ergaa isaa sirriitti dabarfata. Barreessuu keessatti garuu, amaloota kana gargaaramuun hin danda'amu. Kanaaf, haala amaloota dubbisuu bakka bu'aniin dogoggora utuu hin uumin ergaa keenya dabarfachuu akka qabnu agarsiisa. Kunis barreessaan dubbisaasaa kallattiin waan hin agarreef barreeffamasaa keessatti qubee sirrii ta'e jechoota barbaachisoo, himoota qindaa'inaafi ifa ta'anitti gargaaramuun irraa eegama. Akkasumas, sirna tuqaalee adda addaa bakka barbaachisaa ta'etti gargaaramuu, haala walta'iinsa qabuun qindeessee kaa'uun barreessaarraa eegama**.** Byrne,

(1988:4) ibsiteetti. Dabalataanis, rakkoo karaa beekumsaa qabiyyee (hubannoo) dandeettii barreessaa ulfaataa taasisuudha.

Akka Byrne (1988:67) ibsitutti, "Daa'imman dubbii afaaniitti dhalatanii guddatan Kanaaf yeroo dubbii afaanii taasisan osoo hedduu hin dhiphatin yookaan itti hin yaadin dubbatu. Barreessuun garuu, mana barumsaattis ta'e alatti kan qajeelchaan baratamuudha. Unki barreeffamaa tokkoofi haalli qindooimina isaa sirriitti baratamuufi to'atamuu qaba. Kun immoo, haala dubbisaaf ifa ta'uun barreessuudha. Kana jechuun, barreessuun beekumsa qabiyyee barreeffamuufi qindoomina yaadaa waan barbaaduuf hanqinni beekumsaa qabiyyee rakkoo barreessuuf sababa akka ta'edha ".

Afaan Oromoo afaan barreeffamaa, sab-quunnamtii, afaan hojii mootummaa, afaan mana murtii, afaan qorannoofi qo'annoon ittiin geggeeffamu, afaan barumsaa, afaan ogbarruu ta'ee osoo jiruu barreeffama barattoonni barreessan keessatti rakkoo mata duree filachuu, karoorsuu, raga funaanuu, akkaataa itti dhiyaatu filachuu, gumee (toorii) baasuu, wixineessuu (barreeffama duraa barreessuu), sirreessuu, gulaaluu fi gabaasuu bal'inaan mul'ata. Akkasumas, qubeessuu, qub-guddeessa fayyadamuufi sirna tuqaalee fayyadamuun, seerluga sirrii ta'e gargaaramuun, caaseffama himaa sirrii ta'e haalaan eeguu, qindoomina walqabannaa himootaa, caasaafi ulaagaa keeyyata gaarii, qaama barreeffamaafi ulaagaa barreeffamaa gaarii guutuu irratti qulqullinaafi gahumsaan barreessuurratti rakkoolee adda addaatu manneen barumsaa keessatti mul'ata. Kanneen keessaa tokko, rakkoo dandeettii barreessuu barattootaa keessatti kan mul'atuudha.

Barreessuun walqabatee, rakkoon adda addaa karaa garaagaraa barattoota mudachuu akka danda'u Byrne (1988) yoo ibsan,"sababoonni rakkoowwan kanneeniis adda bahanii furmaata itti hinkennamu taanaan barattoonni dandeettii kanaan beekumsa barbaadamu (irraa eegamu) gonfachuu kan hin dandeenye ta'uusaati" jetti. Kunimmoo barattoonni gara fuulduraatti dorgomaa cimaa akka hin taane taasisuu danda'a. Kanaaf madda rakkoo isaanii addan baafachuuf xiinxala rakkoo dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan ilaaluun furmaata kaa'uun barbaachisaa ta'ee argama.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorataan qorannoo kana akka gaggeessuuf wantoota isa kakaasan, barattoonni dandeettiiwwan barreessuu keessaatti garaagarummaan qabaachuu isaanii addaan baasuudhaaf. Hawaasni naannoo mana barumsaa barattoonni dandeettiiwwan barreessuu irratti hanqinna akka qaban ni dubbatu. Ogummaa koo keessatti yemmuu barsiisu barattoonni hanqina dandeettiiwwan barreessuu irratti

garaagarummaa qabaachuu isaanii waan shakkeef. Barreessuun ogummaa shaakalaan gabbifamu waan ta'eef, barattoonni yemmuu baratan adeemsa shaakalaa keessatti hanqinnoota kanneen akka Sirna tuqaalee, qub-guddeessaa,qubeessuu, qindoomina yaadaa fi kan kana fakkaatan xiyyeeffannoo itti kennanii waan hin shaakalleef, kallattii gara fuuladuraatti itti yaadanii hanqinnoota kanneen irratti xiyyeeffannoon akka shaakalanii hanqinnoota dandeettiiwwan barreessuu akka hiikkatan kallattii adda addaatiin deegarsa waliif gochuufi barsiisonnis barattoota isaanii hordofuudhaan akka wal deeggaran taasisuun barbachisaa waan ta'eef, Yaadolee armaan olii kana irraa ka'uudhaan qoratticha keessatti shakkiin waan uumameef, isa kana qulqulleeffachuudhaaf mataduree ''Sakatta'a Raawwii Dandeettiiwwan barreessuu Afaan Oromoo barattoota mana barumsa Bishaan Gurraachaa sadarkaa 2^{ffaa} kutaa 9^{ffaa} jedhu irratti xiyyeeffatee qorannoo gaggeeseera.

Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu Barattootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti hanqina ta'an sakatta'uufi furmaata barbaachisu eeruudhaaf, adeemsa hojii qorannoo kana keessatti **gaafilee bu'uuraa** haala armaan gadiitti deebisuuf yaalameera.

- Barattoonni daree keessatti barnoota afaan oromoo yemmuu baratan dandeettiiwwan barreessuu xiyyeeffannoon shaakaluu?
- Barsiisonni Afaan Oromoo barattoota isaanii yemmuu barsiisan raawwii dandeettiiwwan barreessuu xiyyeeffannoon hordofuun duub-deebii kennuu?
- kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa qabxiilee dandeettiiwwan barreessuu barattootaa shaakalchiisuuf qophaa'e kan akkamii fa'a?
- Maddi hanqinnoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa kutaa 9ffaa maal fa'a?
- Hanqinnoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa keessatti uumaman kanniin hambisuuf maaltu hojjatamuu qaba ?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa (Objective of the Study)

Kaayyoon qorannichaa kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree jechuun bakka lamatti qoodamuun haala armaan gadiitti dhiyaateera.

1.3.1 Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa

Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu keessatti barattoonni Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} Mana Barumsaa Bishaan Gurraachaa Sadarkaa 2^{ffaa}qaban sakatta'uudha. Kanaafuu, xiyyeeffannoon

qorannoo kanaa adeemsa raawwii dandeettiiwwan barreessuu keessatti gufachiisan sakatta'uun ragaadhaan mirkaneessuu, argannoosaa qaaccessuu fi yaada furmaataa kennuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

- Barattoonni daree keessatti barnoota afaan oromoo yemmuu baratan dandeettiiwwan barreessuu xiyyeeffannoon shaakaluu dhiisuu isaanii tarreessuu.
- Barsiisonni Afaan Oromoo barattoota isaanii yemmuu barsiisan raawwii dandeettiiwwan barreessuu xiyyeeffannoon hordofuun duub-deebii kennuufi dhiisuu isaanii ibsuu.
- Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa qabxiilee dandeettiiwwan barreessuu barattootaa shaakalchiisuuf qophaa'e kan akkamii akka ta'an tarreessuu.
- Maddi hanqinnoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa kutaa 9ffaa maal fa'a akka ta'an ibsuu.
- Hanqinnoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa keessatti uumaman hambisuuf maaltu akka hojjatamuu qaban tarreessuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa (Significance of the Study)

Qorannoon gaggeeffamu kamiyyuu faayidaa irraa eegamu qaba. Kanaafuu qorannoon kana irraa faayidaan argamuu danda`u haala armaan gadiitiin tarreeffamanii jiru

1. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoonni miidhaa hanqina dandeettiiwwan barreessuu hubachuun hanqinnoota jiran furuudhaaf xiyyeeffannoodhaan shaakalu.

2. Qaamonni dhimmi ilaalu hundi kanneen akka barsiisotaa, dura bu'oota fi supper vaayizeerotaa Qorannoo kana irraa ragaa gahaa argachuun hanqinnoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu keessatti mul'ataniif akka deeggarasa kennan ni gargaara.

3. Qopheessitoonni sirna barnootaa bu'aa qo'annoo kanaa irraa ka'uudhaan qophii sirna barnootaa keessatti haalaan dandeettiiwwan barreessuu akka shaakalchiisuuf qopheessuuf ka'umsa argatu.

4, Namoota mataduree kanarratti gadi fageenyaan qorannoo geggeessaniif argannoo isaa akka madda odeeffannootti nigargaara jedhamee yaadama.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon geggeeffamu bu'a qabeessaafi fudhatama akka qabaatu mata dureefi iddoon isaa murtaa'aa ta'uu qaba . Qorataanis akkaataa isaaf mijatuu danda'utti bakkaafi qabiyyeen mata

duree isaa daangessee jira. Yaada kana deeggaruudhaan Addunyaan B (2011:55) yoo ibsu "Qorannoon tokko daangaa qaba. Daangaan kun bakka oddeeffannoo qabiyyeedhaan ta'a ".

Qorataan mata duree isaa kana Aanolee Godina Arsii Lixaa hunda keessatti gaggeessuuf humna, mallaqaafi yeroo waan hin qabneef, Bulchiinsa Magaalaaa Bishaan Gurraachaa qofa filachuun qorannoo isaa gaggeessee jira. Dabalataanis qorataan tokko qorannoo qabatamaa adeemsisuuf mata duree qorannoo qabiyyee daangessuun barbaachisaadha.

Qorataan mata duree qorannoo kanaa ''Sakatta'a raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoonni kutaa 9^{ffaa} qaban Mana Barumsa Bishaan Gurraachaa sadarkaa 2^{ffaa}" jedhutti daangessuun qorannoo isaa gaggeessee jira. Sababni kutaa kanarratti xiyyeeffatameef.

Inni jalqabaa barattootni kunniin Afaan Oromoo akka Afaan tokkoffaatti waan barataniif, inni lammaffaan barattootni kunniin sadarkaa barnoota olaanaa keessatti waan argamaniif qorattichi kutaa 9^{ffaa} kana filatee qorannoo irratti gaggeessuu danda'eera.

Dabalataanis, waggoota muraasaaf kutaa kana barsiisaa waan tureef ragaalee barbaachisaa ta'an argachuudhaaf haalli mijataan jiraachuu danda'a jedhee waan amaneef. akkasumas, rakkoolee raawwii dandeettii barreessuu jiraachuusaa namoonni waan dubbataniif.

Rakkinnoota nijira jedhamanii shakkaman kanneeniif furmaata barbaachuuf, akka Bulchiinsa Magaalaa Bishaan Gurraachaatti mana barnoota Bishaan Gurraachaa sadarkaa 2^{ffaa} barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 ^{ffaa} irratti xiyyeeffatamee daangeffamee hojjatameera. Muuxannoo mana barumsa sadarkaa 1^{ffaa} irraa qabatanii dhufan hangam hojiirra akka oolchaa jiraniifi kallatti gara fuula duraatti barattoota rakkoo dandeettiiwwan barreessuu keessatti furuu akka danda'an xiinxalluufi rakkoowwan mul'ataniif mala furmaataa kaa'uuf, dandeettiin kun dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa baay'ee cimaafi xaxamaa waan ta'eef gonfachuun baay'ee ulfaataadha. Mana barnootaa kanatti Qorannichi kan irratti xiyyeeffatu barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa bara 2014 tti.

1.6 Hanqinna Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffame kun, adeemsaafi bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee xumura kanarra gaheera. Adeemsa kana keessatti wantoonni akka hanqinaatti mul'atan heddutu jiru. Isaanis: Hanqina yeroo fi baajataarraan kan ka'e, qorannoon kun kitaabilee biroo fi manneen barumsaa hedduurratti akka hin raawwatamne ta`eera.

- Qorannoo kana keessatti hanqinni kitaabilee, gama Afaan oromootiin mata duree kana ilaallatanii dhabamuu isaa;
- Maddootni ragaa (kitaabileen wabii) bay`inaan argamuu dhabuu;
- Qorannoowwan kanaan dura bal'inaan sakatta`a raawwii dandeettii barreessuu irratti hojjetaman qorataa kan hinqunnamne ta'uu.

Walumaagalatti, qorannoon kun wayita geggeeffamaa turetti hanqinoonni armaan olii qorataa kana qunnamaa turaniiru. Hanqinaaleen kunniin osoo jiranuu qorataan jajjaabinaafi obsaan keessa darbuun qorannoo isaa gaggeesseera. Osoo hanqinaaleen eeraman kunneen hinjiran ta`ee qorannoon kun sadarkaa kanaa olitti deemuu danda`a ture. Haa ta`u malee, sababa hanqinootni kunniin turaniif kanaa ol deemuu hindandeenye.

BOQONNAA LAMA

2. SAKATTA'A BARRUU

2.1 Yaadrimee

Boqonnaa kana jalatti yaad-rimeewwan qorannichaa walitti hidhata qaban kanneen akka maalummaa barreessuu, Akaakuu gahumsa barreessuu, Amaloota barreeffama gaarii, maalummaa hojii garee,akaakuu hojii garee, amaloota hojii gareetiin barachuufi hanqinaafi cimina isaanii, rakkoolee hojii garee keessatti nama saaxilaniifi qaamolee rakkoolee kana furuuf gahee qaban akkasumas, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} haala armaan gadiitti tartiibaan tarreeffamanii jiru.

2.1.1 Maalummaa Barreessuu

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa isa tokko ta'ee, karaa namoonni qaamaan walbira hinjirre karaa barreeffamaatiin ittiin walqunnamaniifi kan ittiin ergaa barbaachisaa ta'e waliif dabarsaniidha. Barruu beektonni adda addaa karaalee adda addaatiin ibsanii jiru. Isaan keessaa, Atkin fi Warreen biroo (1998:85) yommuu ibsan, "barreessuun dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa isa tokko ta'ee adeemsa shaakalaatiin gonfatan ta'uusaati" .Leki (1989: 1) hiika barreessuu yommuu ibsu, "mala ykn, karaa ittiin yaada wal jijjiiran" ta'uusaa lafa kaa'a. Dabalataanis "barreessuun dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessaa isa bu'uuraati". Isaan kana keessaa kan sadarkaa dhumaarratti barattoonni gonfatan ta'ee, dandeettiiwwan afanii keessaa isa ulfaataafi xaxamaadha. Byrne, (1991:1). yaada kana cimsuudhaan "barreessuun, yaada nutti dhaga'ame mallattoolee itti waliigalametti fayyadamuun karaa ittiin namoota biroo waliigallu" ta'uu nutti mul'isti. Akka Balaay Sh (2007:11**).** qorannoo isaa keessatti ibsutti "Barreessuun akka namoonni yaada ittiin waljijjiiran, beekumsa waliif dabarsan, seenaa darbeefi isa fuulduraa ittiin ibsan ta'ee kan tajaajiluudha." Jedha.

Yaadolee hayyoota armaan oliirraa wanni huubannu, dandeettiin barreessuu mana barnootaa keessatti akka baramuufi salphaatti hawaasa keessa jirataanirraa barachuu akka hin dandeenye ibsa. Barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokkodha. Dandeettiiwwan kunis, akkuma dandeettiiwwan biroo irra deddeebi'anii shaakalan fooyyeffachuun ni danda'ama. Akkasumas, maalummaa barreessuu ilaalchisee Hallfi Birkerts (1991), akka ibsanitti "barreessuun dandeettii ta'uusaafi dandeettiin kun immoo akkuma dandeettii atileetiksii yoo irra deddeebi'anii shaakalan

gabbifachuun kan danda'amu ta'uusaati". Kanaafuu, namoonni dandeettii barreessuurratti dhiibbaa qaban irra deddeebi'anii yoo shaakalan gabbifachuu danda'u.

Walumaagalatti, barreessuun adeemsa namoonni baratan bakka bu'aa waan sammuutti yaade yookiin xiinxale tokko baasee waraqaarratti qalamaan kaa'uun dhimmoota garaagaraa keessatti itti fayyadamuu danda'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

2.1.2 Akaakuu Gahumsa Barreessuu

Akka Brown (2003: 343-346) gosoota ga'umsa barreessuu, bakka gurguddoo afuritti qooda. Isaanis:

1 **Deebisa (Responsive):** meeshaalee madaallii dandeettii barataa muraasaa madaaluu irratti daanga'a. Himoota waliitti qabsiisudhaan keeyyatoota uumuu shaakalliwwan seera baruufi barsiisuu deebii kennuun beekamu. Gosoonni barreessuu, seenessuu, ibsuu, gabaasa keessatti hojiin madaalii kun kan barbaaduu barattoonni haasbarruufi jechoota walitti qindeessuudhaan keeyyatoota lamaafi isaa ol ijaaruudha. Gilgaalli kun kan inni deebii ibsu mala baruufi barsiisuu, tarreeffama caasaalee ulaagaa, yaadrimeefi qajeelfamoota garaagaraati. Akaakuun barreeffamaa kan of keessatti qabatu kallattii, seenessaa, gabaasa gagabaaboo,gabaasa kutaa yaalii cuunfaawwan, deebiiwwan gabaaboo dubbisaa ibsa gabateewwaniiti haala murtaa'a keessatti barreessaan kan eegaluu: yaalii, ifaan filannoota akaakuuwwan barreeffamaa jiran keessaa yaada isaa filachuudha. Barreessaan sirriitti kan bu'uureffachuu qabu sadarkaa seerlugaa himaafi irra caalaatti kan xiyyeeffatu waliigaltee haasbarruu, kaayyoo barreeffamichaa ta'uu qaba. Ciminaan kan xiyyeeffatu galumsaafi hiika irrattiidha.

2 . **Bal'eessa (Extensive)**: adeemsa tarsiimoowwaniifi kaayyoowwan barreessuu hunda haala too'achuu irratti xiyyeeffata. Barreessaan barreeffama sadarkaa eeggate yaadni isaa qindaa'e fakkeenyaan hordofama. Sirreeffama hedduu hinqabne barreessuutu irraa eegama. Fakkeenyaaf, barreeffama (gabaasa) barreessitoonni kan irratti xiyyeeffatan barbaachisummaa, qindeessuufi ijaaruu yaadota walduraa duuban gadi fageenyaan yaadota ibsuu ykn deegaruudha.

Akaakuu gahumsa barreessuu ilaalchisee hayyuun Madsen (1983) jedhamu bakka saditti qooduun ibsee jira. Kunis, barreessuu duraa, barreessuu qajeelchaafi barreessuu hindaangoofneedha. Gama birootiin hayyuun Atkins et al.(1996) ammoo barreessuu too'atamaa, barreessuu qajeelchaafi barreessuu hindaangoofne jechuun qoodee jira.

Beektoonni adda addaa akka ibsanitti tartiibni barreessuun ta'uu kan qabu barreessuu salphaa irraa gara barreessuu walxaxaa ta'e tokkootti deemuu qaba. Kanaafuu, Afaan Oromoo keessatti

jechoota hiika qaban barreessuuf barreessuun seera qubeessuu irraa eegaluu qaba. Haala kanaan waan xiqqoo irraa ka'uun suuta suutaan qabiyyee barnootichaa irratti hundaa'uun barattoonni dandeetti barreessuu isaanii akka gabbifatan taasiisuun nidanda'ama.

Madaalliin dandeettii barreessuus adeemsa kana hordofuun dandeettii gahumsa barreessuu barattootaa madaaluun bakka barattoonni rakkoo qabanitti akka fooyyafataniifi bu'aa gaarii akka galmeessisaniif gargaara.

3 **Akkeessa (Imitative):** barataan tokko barreeffamaa afaanii tokko barreessuuf jechoota shaakalawwaan dandeettii barreessuutiif ijoo ta'an qopheessuudhaaf, barattoonni dandeettii isaanii hunda fayyadamuu, barreeffamaaf wantotni bu'uura ta'an, jechoota, sirna tuqaaleefi himoota ifa ta'aniin addeessuu qabu. Kana keessatti sagalee walsimsiisuufi seerluga haala itti fayyadamaafi hiikaaf caalatti iddoon kennamaaf

4 **To'atamaa (Controlled)**: gosti kun madaallii barreessuu jechoota haala galumsaan, jechoota waliin amalaafi seera faanichaa eeguun hima keessatti fayyadamuun ibsama. Haalli galuumsaafi hiikni barbaadamus xiyyeeffannoo guddaan miidhagsuu caalaa dandeettii hiika kallattii ykn sirrii, qabiyyee isaa eegate, ijaarsa jechootaa, jechoota tishoo ykn digalaafi qabiyyee hiika sirrii hanga xumura himasanaatti argamu. Hiikniifi qabiyyeen barreeffamaa kan barbaachisu madaalawwaafi sirriita'uu isaati. Garuu hojiin barreeffamaa kan irratti xiyyeefatu, unkaafi haala battallichaatiin murteefama

2.1.2.1 Amaloota Barreeffama Gaarii

Dandeettiiwwan afaanii adda addaa bahanii hin barsiifamaniyyuu malee, amaloota adda ta'an ni qabu. Akka Byrne(1988) amaloota barreessuufi dubbachuu waldorgomsiisuun ibsi itti kennameera. Dandeettii barreessuu kan adda taasisan ni jiru. Isaanis, hima barreeffama keessatti mul'atan, hubannoofi xiyyeeffannoo haala ifa ta'een akka ergaa dabarsuu danda'utti qidaa'anii dhihaachuu qabu. Kan kun ta'uu danda'us, barreessaafi dubbisaan walbira waan hin jirreef yoo yaanni barreessaa ifaa hin taane, dubbisaan hubachuu hin danda'u. Akkasumas, barreessaan sirna tuqaalee, qubguddeessaa, jechoota waalta'iinsaafi xiyyeeffannoo agarsiisanitti gargaaramuun yaada isaa ifa gochuun barbaachisaa akka ta'e addeeessitee jirti.

Baarreessuun hojii sammuu waan ta'eef, baay'ee walxaxaafi ulfaataadha. Kunis kan ta'e karaan barreessaan yeroo tokkotti wantoota hedduu itti fayyadamuufi to'achuun agarsiisuudha. Yaada armaan oliirraa kan hubannu,barreessan tokko yommuu barreeffamicha keessatti to'annaa qabiyyee, unka/ qubeessuu, caasaa himaa, jechoota filachuu, sirna tuqaaleefi qindoomina himaa

tasisaa kan barreessu ta'uusaati. Karaa biroon, Nunan,(1991),"barreessuun kan ulfaatuuf namoota baay'een qulqullina barreeffamaatiif kan dhiphatan waan ta'eef" Amaloota barreeffama gaarii sirriitti hubachuuf, yaada garaagaraa hayyonni eeran armaan gaditti Kaa'amee jira. Diyanifi Pat (1998) amaloota barreeffama gaarii ilaalchisee yoo ibsu barruun tokko barreeffama gaariidha jedhamuuf amaloota afur jiraachuun dirqama ta'uusaati. Isaanis, xiyyeeffannoo, guutummaa, Tokkummaa fi walta'iinsa, dha.

2.1.2.2. Xiyyeeffannoo

Xiyyeeffannoon, barruu tokko barreeffama gaariidha kan jechisiisan keessaa isa tokkodha. Keyyanni tokko xiyyeeffannaa qaba yommuu jedhamu, himoonni callaan hima ijoo keeyyatichaa ibsuuf yoo tarreeffameefi akkaataa walduraa duuba barbaachisummaa isaaniitiin sirriitti yoo tarreeffamaniidha.Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyeeffannoo qabu tokko keeyyattoonni yaada barreeffamichaa walduraa duuba barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha. Kellyfi Lawton (2006).

2.1.2.3. Guutummaa

Guutummaan barruu tokkoof barbaachisaadha. Barruun guutummaa qabu kan beekamu, ergaa yookiin yaanni barreeffamichi dabarsu dubbisaaf sirriitti akka hubatamu yoo ta'eedha. Kellyfi Lawton(2006) guutummaa barreeffamaa yoo ibsan, jechoonniifi himoonni keeyyata, keeyyataafi keeyyatoonni barbaachisoo hin taane, akkasumas, hiika isaanii ifa hin taane keeyyaticha keessatti yookiin barreeffamicha keessa yoo hin jirreedha. Walumaagalatti, keeyyanni yookaan barreeffamni tokko gaariidha; kan jedhamu, ulaagalee armaan olitti ibsamuu yaalaman yoo of keessatti qabaatedha.

2.1.2.4. Tokkummaa

Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yaanni himoota keeyyatichaa keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo keeyyatichaa waliin walqabataniidha. Haaluma walfakkaatuun, barruun barreeffame tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yoo keeyyanni barreeffamichaa keessatti dhihaatan hundinuu yaada ijoo barreeffamichaa waliin walqabatanii dhihaataniidha. Barruun tokkummaa qabu, barreeffama yaadni ijoon isaa ifa ta'ee dhihaatedha.Himni ijoon kunis, akkuma keeyyata keessaatti bakka garaagaraatti galuu danda"u barruu guutuu keessattillee bakka garaagaraatti galuu danda'a.Barruun tokkummaa qabu dubbistoota hin rakkisu.Dubbistoonni barreeffama tokkummaa qabu yoo dubbisan, haaluma salphaa ta'een hubatu.Kana jechuun salphaatti keeyyata tokkorraa gara keeyyata biraatti akka ce'an isaan taasisa. Barruun tokkummaa

hin qabne garuu dubbisuudhaaf nama rakkisa; kanamalees, dubbistoonni kaayyoo barreeffamichaa hubachuu akka hin dandeenye taasisa.Crimmon (1963).

2.1.2.5. Walta'iinsa

Barruun tokko barreeffama gaarii jedhamuuf, ulaagaa inni guuttachuu qabu keessaa kanbiroo walta'iinsa. Walta'iinsa qabaachuun keeyyata tokkoo kan beekamu, himni gargaartuun hima ijoo keeyyata tokkoo yoo ibsan. Haaluma walfakkaatuun, keeyyanni haala armaan oliitiin qindaa‟e walduraa duuba isaanii eeganii yoo dhihaataniidha. Broadmanfi Frynberg (2008).Barruu tokko akkaataa dubbistoonni yaada isaanii hubachuu danda'aniin qindaa‟uu qaba. Kunis yaadonni barreeffama keessatti dhihaatan walta'iinsa kan qabaniifi haala nama amansiisuun duraaduuba isaanii eeganii qindaa'uu qabu. Diyanifi Pat (1998), Yaada armaan olii yoo cimsu barreeffamni akkaataa nama amansiisuun qindaa'e, barruu walta'iinsa qabu ta'uusaati. Akkasumas, barreeffamni haala gaariin hin qindeeffamne immoo, dubbistoonni ergaa isaa salphaatti akka hin hubanne taasisa.

2.1.3 Maalummaa Hojii Garee

Barattoota gareedhaan ijaaranii mariisisuun, mala baruu barsiisuu keessaa tokkoodha. Adeemsa hojii kana keessatti, barsiisaan barattoota gareewwaan xixiqaatti ramada. Barattoonni barnoota isaanii gareedhaan akka irra deebi'aniifi ifa kan hin taaneef irratti akka walmari'atan godha. Adeemsi kun barsiisaan akka hojiifi dandeettii barattootaa salphaatti hordofu isa taasisa. Barsiisaan, miseensa garee fi gargaaraa isaaniidha. Kana ilaallatee, Abdurahman (1983) haala itti mariin garee hojiirra oolu ibseera. "*Barsiisaan barnoota haaraa erga beeksiseen booda barattootni waa'ee barnoota isaan beeksise maal akka beekan hubachuuf barattootni gareen akka mari'atan godha.Asiratti barattootni yaada isaanii barnootichaafi bu'aa barnootichaarraa argamu irratti akka xiyyeeffatan hojjatan gaafatamu".*

Daree keessatti, barsiisonni hojii garee akka hojiirra oolchaan isaan godhu jira.Sirna (siisteemii) barnootaa tokko keessatti akkaataa barnoonni itti kennamu qulqulinaa fi gahiinsa barnootaa eegsisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kaayyoo barnootaa galmaan gahuuf malli barnoonni itti dhayaatu murteessaadha. Barnoonni immoo tooftaalee adda addaatiin dhiyaata. Tooftaalee kana keessaa tokko mala marii fi hojii gareetiin barsiisuuti . Hojii barnootaa keessatti malli baruu fi barsiisuu gahee olaanaa akkuma qabu, hojiin garees mala baruu fi barsiisuu keessatti iddoo guddaa

qaba. Hojiin garee mala ammaayyaatiin barumsa kennuu akka ta'e ogeeyyiin barnootaa fi xiinsammuu xiinqooqaa (psycho linguists) ni hubachiisu. Maalummaa hojii garees gama ilaaluun hiikni adda addaa dhiyaata.

Fakkeenyaaf, Margaa Dabaloo Cohen (1972:2) wabeeffachuun hojii garee haala itti aanuun addeessa.

> *Students working together in a group small enough so that everyone can par ticipate on a task that has been clearly assigned. Moreover, students are expe cted to carry out th eir task without direct and immediate supervision of the teacher. Group work is not the same as ability grouping in which the teachers divide up the class by academic criteria so that they can instruct more homog eny eous group.*

Hojiin garee barattoota gola barnootaa keessa jiran garee gareedhaan ijaaruun mata-duree dhimmoota garaagaraa irratti akka mari'atan gochuudha. Akka miseensa gareettis wal hubachuu haala daddammaqiinsa qabuun wal faana dalaguudha. Malli kun barattoonni waliisaanii wajjiin akka mariyatanii fi walirraa baratan waan taasisuuf, sodaa fi qaanii tokko malee barattoonni dubbachuu fi yaada wal jijjiiruu qaban, akkasumas yaadaa fi fedhii isaan barsiisaa irratti hirkachuuf qaban ni xiqqeessa; carraa afaan shaakaluu barattootaa jajjabeessuun ni babal'isa Miseensota garee mariif qopheessuunii fi marii gaggeeffamu sana qindeessuun yeroo gabaabduu daqiiqaan lakkaa'amtu keessatti yookaan immoo wayitii (period) guutuu kessatti raawwachuun ni danda'a. Walumaa galatti, hojiin garee miseensota dhimma yookaan kaayyoo tokkoof walitti gurmaa'anii kaayyoo sana galmaan gahuuf, kallattiidhaan yaada wal jijjiiran akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

2.1.4 Akaakuu Hojii Garee

Qorannoo Margaa Dabaloo Richards fi Rodgers (2001: 196), wabeeffachuun gareedhaan barachuu bakka sadiitti qoodu. Isaanis:

Garee idilee (temporary group) yeroo gareen kun itti turu wayitii barnootaa tokko irraa hanga torbaan baay'eetti deemuu danda'a. Kaayyoon isaas gochoota muraasa ta'an ittiin hojjechuu fi galii barnootaa barattoota hunda hammatu galmaan ga'uu keessatti barattoota hirmaachisuuf kan ooludha.

Garee miilta'aa (temporary group) kan yeroof dhaabbatudha. Yeroon inni turus daqiiqaa muraasaa hanga wayitiin barnootaa sun xumuramuttidha. Kaayyoon isaas yeroo barattoonni kallattiidhaan barnoota irratti hirmaatan akka barnoota sana irratti fuulleffatan kan godhuudha.

Garee dhaabbataa (**permanent group**) yoo xinnaate hanga waggaa kan turu ta'ee, gareewwan adda addaa kan ofkeessatti hammatuudha. Kaayyoon isaas miseensa oolmaa garee barnoota saanii galmaan gahuu akka danda'aniif akka wal gargaaran, wal jajjabeessanii fi deeggaran gochuuf kan ijaaramudha.

2.1.4.1 Mala Hojii Gareetiin Barachuu ,Ciminaafi Hanqina Hojii Garee

Mataduree kana jalatti, mala hojii garetiin barattoonni daree keessatti barachuudhaan barnoota isaanii haala barbaadameen galmaan gahuuf hojjatan keessatti ciminaafi hanqina jiran addaan baasuudhaan haala armaan gadiitti ibsamee jira.

2.1.4.2. Cimina fi Hanqina Hojii Garee

Mala baruu-barsiisuu hojii garee barattootaa daree keessatti akkuma ciminni jiru hanqinnoonni kallattii garagaraatiin jiraachuu isaanii haala armaan gadiitti ibsamee jira.

2.1.4.3 Cimina hojii garee

Barattoonni jiruu fi jireenya isaanii keessatti carraa afaan baratan sanatti fayyadamuu ni guddisa, qulqullina dandeettii dubbii barataa ni fooyyessa,barsiisuu dhuunfessaa (individualization of instruction) madda cimaa ta'a, haala eeyyentaa amala gaarii (positive affective climate) ta'e saffisiisuuf, gahee ol’aanaa qaba, kaka'umsaa fi si'aayina barataa haalaan dabala.

• Hojiin garee barattoonni jiruu fi jireenyasaanii keessatti carraa afaan baratan sanatti fayyadamuu ni guddisa, kaka'umsaafi si'aa'ina barataa dabala.

2.1.4.4 Hanqina Hojii Garee

Hojii fi mariin garee afaan baruu fi barsiisuu keessatti bu'aa olaanaa qaba jedhanillee,

hanqinootas ni qaba. Fakkeenyaaf, barattoonni gola keessa jiran muuxannoo garagaraa fi iddoo adda addaa irraa waan dhufaniif, haala wal fakkaatuun mala gareetiin barachuu irratti dhiibbaan hin taane jiraachuu fi gochi hojii gareetiin barachuu osoo itti hin yaadamiin gurmaa'uu fi kaayyoon isaa kaayyoo barnootaa wajjin walitti dhufeenya dhabuun rakkoo hojii garee akka ta'etti fudhatama.

2.1.5. Hanqinnoota Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu keessatti Nama Saaxilan

hanqinnoota dandeettiiwwan barreessuu keessatti barattoota saaxilan kanneen akka qindoomina yaadaa,qubeessuu, qubguddeessaa, sirna tuqaaleefi hir'ina shaakaluu yemmuu ta'an isaanis haala armaan gadiitti ibsamanii jiru.

2.1.5.1. Qubeessuu

Barreeffama tokko barreessuudhaaf Jecha, hima, keeyyataafi barreeffama dheeraa barreessuu keessatti, jechoonni walitti qinda'anii ergaa barreeffamichaa dabarsan seeraan hin qubeeffamne taanaan ergaa barreeffamichaarratti dhiibbaa fida. Qubeessuu ilaalchise Byrne (1988), "dandeettii barreessuu gonfachuu keessaa tokko qubeessuu danda'uu ta'uusaa ibsiti". Kana malees, namni tokko dandeettii qubeessuu fooyyeffachuuf dubbisaa gaarii ta'uun daandii furmaataa ta'uusaa hayyuun tun dabalataan ibstee jirti. Karaa biraatiin rakkoowwan qubeessuu keessatti nama mudatan keessaa bahuuf, kuusaa galmee jechootaa qopheeffachuun jechoota yeroo baay'ee qubeessuuf nama rakkisan adda baafachuun galmeessaa deemuudhaan yeroo barreeffama barreessinu kan itti fayyadamnu kuusaa jechootaa dhuunfaa qopheeffachuun barbaachisaadha.

Qubeessuu fooyyeffachuuf, malli kan biroo dogoggora ofii beekuun sirreessuu itti xiyyeeffachuudha**.** Kellyfi Deborah (1998), "Qubeessini gaarii ta'e beekumsa addaa addaa gonfachuuf akkuma gargaaru, miidhaan qubeessuu sirrii hintaane irraa maddus beekumsaafi bu'aa dandeettii qubeessuurra argamu nu gufachiisa". Dogoggoraan qubeessuun faallaa faayidaa sirriitti qubeessuu kan qaqqabsiisu yeroo ta'u, dabalataanis walqunnamtii barreeffamaan taasifamu rakkoo keessa galcha, dubbisaan yeroo dubbisu akka burjaaja'u yookaan jeeqamuufi odeeffannoo dogoggoraa akka qabaatu ni taasisa.

Barumsa Afaan Oromoo keessatti barattoonni Afaan Oromoo barreeffama isaanii keessatti dogoggoraan ni qubeessu. Kunis, sagalee dheerachuu qabu gabaabsuu, kan gabaabbachuu qabu dheeressuu, hudhaatti bakka malee fayyadamuu, bakka irrabunni jirutti dubbachiiftuu galchuu yookaan dubbifamaa isa lammaffaa jabeessuu, dubbifamaafi dubbachiistuu birsaga keessaa hambisuu, sagalee laafuu qabu jabeessuufi qubee dachaa caalmaa duraa booda tarree isaanii dogoggoraan ni qubeessu.

Bekan G (2015:), Yaada kana cimsuuf, waa'ee barattoota hanqina qubeessuu qabanii, Crimmon (1963:491-492) wabeeffachuun yoo barreessu, barattootni rakkoo qubeessuu qaban, waa'ee qubeessuu yaadolee armaan gadii keessaa tokko qabaachuu danda'u jedha. Yaadolee barattootni kunniin qabaachuu danda'an keessaa inni tokko, "barbaachisummaa qubeessuu ilaalchisee

hubannaa dhabuu barattootaati. Inni lammaffaan rakkoo qubeessuu fooyyeffachuun hin danda'amu yookaan ni ulfaata jedhanii waan yaadaniif, inni dhumaa, rakkoo kana fooyyeffachuun yeroo baay'eefi human baay'ee barbaada jedhanii waan yaadaniif" ta'uusaa ibsa. Barattootni kunniin karaa hawaasummaas ta'ee karaa addunyaa barnootaan miidhamoo ta'uusaanii hayyuun kun ibsee jira. Dabalataanis, dogoggorri qubeessuu rakkoo qabatamaa kan qabu miti; namni tokko yoo itti yaade yeroo gabaabaa keessatti sirriitti hubachuu kan danda'u ta'uusaa hayyuun kun ibsee jira.

2.1.5.2. Sirna Tuqaaleefi Qubguddeessa

Barreeffama tokko dubbifnee ergaa guutuu hubachuuf, sirna tuqaalee fayyadamna. Akkasumas, barreeffama ergaa guutuu dabarsu tokko barreessuuf, sirna tuqaaleerratti hubannoo qabaachuun barbaachisaadha. Kanamalees, Glazier (1991), yommuu faayidaa sirna tuqaalee ibsu, "akkuma mallattooleen tiraafikii daandiirratti konkolaataan tokko akka deemuufi akka dhaabbatu taasisan, tokkoon tokkoo tuqaalees barreeffama keessatti dubbistootni itti fufanii akka dubbisaniifi iddoo dhaabbachuu qabanitti akka dhaabbatan taasisa".

Yaadni kun sirna tuqaalee barreeffama keessatti bu'aa guddaa qabaachuusaa mul'isa. Qubguddeessis, barreefama keessatti faayidaa gurguddaa qaba**.** Bekan G, (2015), faayidaalee gurguddaa qub-guddeessaa yoo ibsu; "hima keessatti jecha jalqabaa barreessuuf, maqaa sabaa sablammiifi afaanii barreessuuf, maqaa dhaabbata dhuunfaafi mootummaa akkasumas, maqaa dhaabbilee siyaasaa barreessuu, maqaa masaraa mootummaafi ijaarsa beekamaa barreessuuf, maqaa ardii, biyyaafi magaalotaa akkasumas, qaamman dhangala'oo (bishaana'oo) barreessuuf hima tokko keessatti yookaan barreeffama keessatti jalqaba ta'e gidduus akkasumas, dhumarratti yoo dhufan qubguddeessaan eegalamuu kan qaban ta'uusaa "beeksisa.

2.1.5.3. Hir'ina Shaakaluu

Hir'inni shaakaluu barreessuu maddoota dogoggora barreessuu keessaa tokko ta'a. Barreessuun dhimma altokkoo osoo hin ta'in dhimma shaakala barbaaduudha. Hayyuun Hallfi Birkerts (1991), akka ibsanitti, "barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa tokkodha. Dandeettiin kunis akkuma dandeettiiwwan biroo yoo irra deddeebi'anii shaakalan fooyyeffachuun ni danda'ama. Barreessuun dandeettii ta'uusaatiif dandeettiin kun immoo akkuma dandeettii atileetiksii yoo irradeddeebi'anii shaakalan gabbifachuun kan danda'amu ta'uusaati. "Kanaafuu, namoonni dandeettii barreessuurratti dhiibbaa qaban irra deddeebi'anii yoo shaakalan gonfachuu danda'u.

2.1.6. Qaamolee Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu Keessatti Gahee Murteessaa Qaban

Adeemsa baruufi barsiisuu kamiyyuu keessatti gaheen barattootaa olaanaadha. Mala baruu fi barsiisuu keessattis barsiisotni Raawwii dandeettiwwan barreessuu barattootaa hordofuun deeggarsa barbaachisan kennuudhaaf gahee murteessaa qabaachuu isaanii haala armaan gaditti dhiyaataniiru.

2.1.6.1 Gahee Barataa

Barattoonni yookaan miseensota garee wajjin hariiroo gaarii qabaachuu, ajaja barsiisaa hordofuun waan hojjachuu qabu haalaan hojjachuu fi bu'aa gaarii galmeessisuuf dhuunfaanis ta'e waliin carraaqqii fufiinsa qabu raawwachuu danda'u. Haaluma kanaan barataan gahee isa irraa eeggamu hojjachuu qaba. Gaheen Barataa raawwii dandeettiwwa barreessuu keessatti waan barreessuu qabu beekuufi akkamitti akka barreessuu qabu beekuun ajaja kitaabaafi haala barsiisaan itti qajeelchu hordofuun xiyyeeffannoon ergaa barreeffamaan dabarsuu barbaadame dabarsuu qabu.

2.1.6.2. Gahee Barsiisaa

Barsiisaan daree keessatti waan barattoonni hojjatan wixinuu, karoorsuu, saganteessuu fi qindeessuu irratti gahee barsiisaan qaban adda durummaan kan ilaalamudha. Galmaan gahuu kaayyoo fi milkaayina raawwii dandeettiiwwan barreessuu ilaalcha barsiisaan qabuu fi tooftaa fi haala inni ittiin gahee isaa kana bahuuf carraaqu irratti hundaa'a. Kaye fi Rogers,(1968). "Ilaa1chi, fedhii fi kaka'umsi barsiisaan hojiisaa raawwaachuuf qabu mijaahinaa fi milkaa'ina hojii barnootaaf bu'uura". Yaadni armaan oliis kanuma dhugoomsa. Kanamalees, fedhii fi ilaalcha gaarii qabu tooftaa adda addaatti fayyadamee akkaataan inni hojii iirra oolchuun murteessaadha. Kanaafuu, barsiisaan qabxiilee itti aanan irratti fuulleffatee dandeettiiwwan barreessuu yoo raawwate bu'aa barnoota gaarii ta'e galmeessisuu danda'a. kanaafuu, qabxiileen inni irratti xiyyeeffachuu qabu, Barbaachisummaa dandeettii barreessuu barattootaa keessatti dandeettii barreessuu akka barsiisuu qabu amanuufi murtiirra gahuu, Kaayyoo raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoota kamiin akka ta'e addaan baasuu fi kaayyoo barnootaa wajjin wal simsiisuudha.

Mala baruu fi barsiisuu keessatti raawwiin dandeettii barreessuu barattootaa karoorsuu fi saganteessuu , meeshaalee deggarsa barnootaa addaan baasuu fi miseensota garee wajjin ta' uun qopheessuu, Qajeelfama ifa ta'ee fi miseensota biratti kan fudhatamaa fi hojiirra ooluu danda'u qopheessuu, Garee adda addaa uumuun baay' ina barattootaa murteessuudha.

Yeroo hojiin garee itti raawwatu tilmaamuu fi murteessuun gola barnootaa mijeessuu fi gurmeessuu akkaataa taa'umsa barattootaa mijeessuu, mata-duree marii wajjiin gareewwan wal barsiisuun miseensota gareef gahee hojii isaanii qooduu, hojii yookaan marii garee bifa qindoomina qabuun eegalsiisuufi ibsa gabaabaa kennuu fi bu'aa hojii garee irraa argamu barattoota hubachiisuu. Itti gaafatamummaa dhuunfaa fi waliinii qayyabachiisuu, hordoffii walirraa hin cinnee fi madaallii gaggeessuu,gareewwanis ta'ee barattoota dhuunfaa gargaaruu, gorsuu fi jajj abeessuu,Yaada xumuraa fi guduunfaa kennuu qabxii madaallii yeroo yerootti barattoota beeksisuudhaan, barattoota cimoos ta'ee lallaafoo jajjabeessuu fi gargaaruu. Dhumarratti iddoo rakkoon jiru addaan baasuun, gara fuula duraatti irratti karoorfachuun haalaan hojjachuun barbaachisaadha.

2.1.6.3. Qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa

Qabiyyeen kitaabaa barnoota daree keessatti barsiifamuuf murteessaadha. Barnoota qabiyyee barnootaa waliin deemanitti garagaaramuufi qabiyyeen barnootaa qindoominaa, tartiiba, walitti fufiinsafi dagaagina qabaachuun isaa caalmatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa. Qabiyyeen kitaaba tokkoo maal ta’uu akka qabu, Qalamuwaa Nugusee, Heinich, (2013:7) waabeffachuun yoo ibsu: “barnoota qabatama taasisuuf qabiyyee barnootaa gola keessatti kennamu naannoo isaa waliin walsimsiisanii dhiyeessuun barbaachisaadha”. Kanamalees, meeshaalee barnoota qabiyyee barnootaa waliin deemanitti garagaaramuufi qabiyyeen barnootaa qindoominaa, tartiiba, walitti fufiinsafi dagaagina qabaachuun isaa caalamatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa jedhu.

Adeemsa sagantaa qophii qabiyyee barnoota afaanii keessatti qaamni qabiyyicha qopheessuun dhiheessu, galma ga’iinsa qabiyyee dhihaatu sanaaf qooda guddaa qaba. Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnoota afaanii tokko mijataa taasisuuf, qabiyyeewwan hammataman murteessuufi sadarkeessuun mala qindaa’ina qabiyyeewwan itti dhihaatan keessaa isa tokkoodha. Haaluma kanaan, adeemsa mala baruu fi barsiisuu hojii garee keessatti sirni barnootaa iddoo guddaa qaba. **Fakkeenyaaf**; Raawwii dandettii barreessuu (RDB) hojii gareetiif qajeelfamni ifaan jiraachuu, Qophiin sirna barnootaa haala hirmaachisaa ta'een qophaahuu isaa. Mata-dureewwan mariif dhiyaatan haala qabatamaa gola barnootaa kutaa 9^{ffaa}f wal simsiisuun Mata-duree marii barattootaan hawataa ta’uusaa, Shaakalootaafi gilgaalota barattoota gidu-galeessa godhate qabaannaan barattootaa, barsiisota qophiifi yaada haaraaf qopheessinaan, odeeffannoo barbaachisaa fi gahaa kenninaan, Duraa-duubaan dandeettii fi beekumsa barattootaa haala fufinsa

qabuun wal simsiisuufi kanneen kana fakkaatan hammanaan faayidaansaa olaanaadha.Waan kana ta'eef, milkaa'ina dandeettii barreessuu hojii gareef gahee barsiisonni, barattoonnii fi sirni barnootaa qaban cimaa waan ta'eef, qu'annaan amma gaggeeffame kunis isaan kanaa fi kanneen biroo irratti kan xiyyeeffateedha .

2.2 Yaaxina Qorannichaa

Hojii qorannoo tokkoo qeequudhaaf kan tajaajilan yaxxinoota garaagaraatuu jiru. Kanneen keessaa muraasni isaanii,Yaaxina bifiyyee, feeminizimii, xiinsammuu, maarkisizimii, dhugummaa caasessitootaafi kanaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Yaaxxinaaleen kanneenis eessatti akka jalqaban, yoom akka jalqaban, akkamitti akka jalqaban, maaliif akka jalqabaniifi eenyuun akka hundeeffaman seenaa mataa isaanii qabu. Akkasumas, hojii og-barruu tokkoo qeequudhaaf kan itti dhimma bahan ulaagaalee mataasaaniis qaba. Qorataan yaaxinoolee armaan olitti tarreeffaman keessaa yaaxina caaseffamatti fayyadamuudhaan qorannoo isaa kan gaggeesse ta'uusaati. Kanaafuu,maalummaa yaaxina Caaseffamaa haala armaan gadii kanaan ibsameera.

2.2.1 Yaaxina Caaseffamaa

Yaaxinni caaseffamaa tooftaalee adda addaa caasaalee keeyyataafi gilgalota qabiyyee kitaabicha keessa jiran kallattii garagaraatiin walitti fiduudhaan haala qindaawaa ta'een barattoonni dandeettii barreessuu hojii gareetiin akka shaakalan kan taasisu ilaaluuf ni yaala. Akkuma fayyadama afaanii keessatti sagaleelee adda addaa jecha, jechiniifi jechi hima , himniniifi himni keeyyata keeyyanniifi keeyyanni barreeffama guddaa akkuma uuman dandeettii barreessuu keessattis sirna tuqaalee-qindoomina yaadaatiin afaan keessatti akaakuu hedduun wal tumsanii mul'atan. Akaakuwwan kunniin tokkoo tokkoo qu'achuu barbaachisaa akka ta'etti kaa'u. Filee (2016:50). akka ibsutti "Yaaxinni caaseffamaa caasaalee aadaafi hawaasaa haala qindoomina qabu ibsuu irratti fuulleffata". Haaluma caasaa armaan olii irratti hundaa'uun gilgaalota kitaaba barataa kutaa 9ffaa bara 2005 qophaa'e sakatta'uudhaan gilgaalota dandeettii barreessuu of jalatti barattoota shaakalchiisan gosa isaanii wajjiin qindaa'eera.

2.2.1.1 Haala qoqqoodamiinsa Gilgaalotaa

Akka Richardsfi Renandya (2001), Prabhu (1987) wabeeffachuun ibsanitti, gilgaaloonni (dalagaaleen) gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaramuun waan barataniin milkaa'uuf raawwatanidha. Adeemsi barnoota afaanii ammoo, gochaalee gilgaalaan dhihaatan dalaguu shaakaluu irraatti kan xiyyeeffatedha. Meeshaalee barnootaa, afaan barsiisuuf

qophaa'an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagaawwan gilgaalotaaf, xiyyeeffannaa guddaa kennu. Sababnisaa, unka afaanii barnootaaf dhihaatu gilgaalotaan shaakalamuun baratama. Kanaafuu, haalli gilgaalli itti qindaa'ee shaakalamu adeemsa barnootaa mul'isuu danda'a jechuudhaan ibsanii jiru. Akka yaada ogeeyyii kanaarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli dalagaa barnoota afaanii keessatti raawwatamu ta'ee; kitaaba barnootaatiin qindaa'ee kan dhihaatudha. Gama birootiin, Nunan (1989), akka ibsetti "gilgaalli dalagaa barattoonni ciiccata barnootaa argataniin haala qabatamaa keessaatti dalagan kan murteessu gaaffiilee adda addaati". Waan kana ta'eef, gilgaalonni barnootaaf dareetti dhihaatan haala qabatamaa dhugaan walfakkaachuu qabu. Akkuma beekamu, malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru, mala afaan waliigalteef barsiisuuti. Akka Nunan (1989), ibsetti, mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti, dhihaannaan dalagaa irratti hundaa'e gilgaalaaf bakka guddaa qaba. Dhihaannaa kana keessatti, adeemsi barachuufi barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hundaa'edha. Gochi ammoo, gilgaala addaddaa dalaguudha. Dhihaannaa afaan waliigalteef barsiisu kanaan barsiisuuf, barsiisaan qaama afaan baratuuf gilgaalota qindaa'an dhiheessa; barattoonni ammoo, gilgaalota dhihaatan dalaguu keessa afaan

baratu. Nunan (1989). gilgaalota kana bakka gurguddaa sadiitti qooduun ibsa. Isaanis: gilgaalota odeeffannoo dabarsuu, gilgaalota sababa ibsuufi gilgaalota yaada ofii ibsuuti jechuudhaan lafa kaa'eera, kanaafuu gilgaalonni armaan olitti eeraman haala armaan gadiitti ibsamee jira.

2.2.1.2 Gilgaalota odeeffannoo dabarsuuf (hir'ate guutuuf) dhihaatan

Gilgaalonni gosa kanaa odeeffannoo nama tokko irraa nama biraatti yookiin bakka biraa irraa bakka biraatti qaxxamursuu kanneen danda'anidha. Sababiin isaas, odeeffannoo barataan tokko beeku, barataan biraa beekuu dhiisuu waan danda'uuf wanta beekan sana muuxannoo akka waljijjiiran taasisa. Kunis gilgaala akka hojii cimdii hojjachisutti ilaala. Hojii garee keessatti ammoo, barattoonni hundi waliin hojjachuun, odeeffannoo barbaadame kennuu keessatti qooda fudhatan qabu. Fakkeenyaaf, fakkii kitaaba barataas ta'ee kan biroo tokko ilaaluudhaan gareen erga irratti mari'atanii booda waa'ee fakicha sanaa yaada isaanii qiqindeessuun qubee sirrii ta'een keeyyataan ergaa fakichi sun dabarsu sanaa barreeffamaan dhiyeessuun akka ibsan taasisuudha.

2.2.1.3 Gilgaalota sababa ibsuu barbaadan

Gosni gilgaalaa kun ammoo, odeeffannoo dhihaaterratti hundaa'uudhaan odeeffannoo haaraa akka maddisiisan taasisuuf sababa qabatamaa kan dhiheessuudha.yaada dhiyaate tokko sababa quubsaa

dhiyeessuun akka ibsan kan taasisuudha. Fakkeenyaaf, gaaffii soba yookaan dhugaa gaafatamanii sababa dhugaa ykn soba jedhaniif hojii gareetiin erga irratti mari'atanii booda dandeettii barreesuu xiyyeeffannaa keessa galchuun akka barreessan taasisuu fa`a, Haaluma kana irratti hundaa'uun kitaaba barataa kutaa 9^{ffaa} sakatta'uudhaan gilgaalota dandeettii barreessuu hojii gareetiin kan shaakalchiisaniidha.

2.2.1.4 Gilgaala yaada ofii ibsuu gaafatan

Gaaffiilee gilgaalota gosa kanaatiin dhihaatan haala dhihaate keessatti deebii fedhii, miiraafi ilaalcha kan adda baasanidha. Kan ammoo, odeeffannoo qabatamaa fayyadamuun yaadaa ofii barreeffamaan ibsuuf gargaara. Haata'u malee, bu'aan isaa sirrii ta'uu yookiin sirrii ta'uu dhabuu kan mul'isu adeemsa tokko ta'e hinqabu. Fakkeenyaaf, barreeffama jalqabamee hinxumuramin tokko yaada mataa ofiitiin barreessanii xumuruuf, barattoonni irratti mari'atanii erga xumuranii booda yaadicha irratti walii galan sana barreeffamaan akka dhiyeessan taasisuudha. Haaluma walfakkaatuun, Nunan (1989), gilgaalonni barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun qindaa'ee sadarkeeffama. Adeemsa tartiibeessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hundaa'an irraa ka'uun gara gilgaalota to'annaan dalagamaniitti adeemama. Dhuma irratti ammoo, gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattoota hirmaachisanitu dhihaata. Akka yaada Nunan kanarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli barnootaa dareetti barataaf dhihaatu sadarkeeffamuun qindaa'uu qaba. Haallii ittiin sadarkeeffamu ammoo, hubannoofi dandeettii barattootaa rratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Innis, sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa xiyyeeffannaa keessa kan galche ta'ee, yaada kamtu dura dhufuufi kamtu itti aanee dhufuu qaba kan jedhuun kan walqabatedha. Sababni isaa, hubannoofi dandeetti barattootaa sadarkaa tokkooffaafi barattoota sadarkaa lammaffaa kan walgituu miti. Waan kana ta'eef, sadarkeessuun hubannoofi dandeettii barattootaa kan giddu galeessa godhate ta'ee, ogummaa barreessuu akkaasumas, ogummaa afaanii kamiyyuu sadarkaa sadarkaan qindeessuun kan walqabateedha. Karaa biraatiin, gilgaalonni salphaa irraa gara cimaatti, yaada ifaa ta'e irraa gara yaada walxaxxaatti, yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qindaa'uu qabu Nunan, (1989). Yaada kana gilgaalota barreessuutiin walitti fiduu ni dandeenya. Akkuma walii galaatti gilgaalotni kitaaba barnootaa keessatti qophaa'an, gosoota gilgaalotaa olitti ibsaman irratti hundaa'uun kan dhiyaateedha.

2.3 Sakatta'a Barruu Firoomina

Qorannoo tokko geggeessuuf yaada hayyotaa mata-duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'uun barbaachisaadha. Sababiin isaas dhimma qorannichi irratti geggeefamu sana ilaalchisee beektonni dursanii maal akka jedhan sakatta'uun qorannichaaf kallattii agarsiisuu danda'a waan ta'eef. Akka Berg B. (2001:19) ibsetti **"**barreeffamoota armaan duraa kan mata-duree qorannichaan hidhata qaban sakatta'uun faayidaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbifachuudha" .Haaluma kanaan boqonnaa kana keessatti sakatta'a rakkoolee dandeettii barreessuu hojii garee waliin walitt dhufeenya qaban Yaaxinoota qorannichi bu'ureeffateefi qorannoowwan mata-duree kanaan walitti dhufeenya qaban akka armaan gadiitti dhyaataniiru .

Qorannoowwan qorannoo kanaan walfakkaatan kanaan dura hojjetaman keessaa;

Tokkoffaan bara (2007) Daani'eel Guddinaatiin kan gaggeeffameedha. Mata-durichi ''Xiinxala gahiinsaafi hanqina barreeffama barattoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa Haala mana barumsa Wadaraa'' kan jedhu yoo ta'u, Kaayyoon qorannoo Daani'eel gahiinsaafi hanqina barreeffama barattoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa mana barumsa qophaa'ina Wadaraa xiinxalee adda baasuuf yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa garuu,'' Rakkoolee raawwii dandeettii barreessuu barattootaa hojii garee keessatti barattoonni kutaa 9ffaa qaban addaan baasuun furmaata laachuu isaatu adda isa taasisa. Dabalaataanis, qorannowwan kan adda isaan taasisu manneen barnootaa irratti geggeeffame gargar ta'uusaatiifi miidhaa hojiin garee dandeettii barreessuu keessatti dhaqabsiisan addaan baasuudha.

Qorannoon walfakkii inni **lammaffaa** bara (2007) Balaayi Shifarraan kan geggeeffame yommuu ta'u matadureen qorannoo kanaa "Dandettii Barreessuu Gabbifachuu keessatti rakkoowwan barattoota kutaa 11^{ffaa} mudatan, Mana Barumsa Sadarkaa 2^{ffaa} Qophaa'ina Shaamboorratti" Kan jedhu ta'a. Kaayyoon qorannichi irratti xiyyeefate dandeettii barreessuu gabbifachuu keessatti rakkoo barattoota kutaa 11ffaa mudatan addaan baasee qaaccessuu yommuu ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa garuu, rakkoo raawwii dandeettii barreessuu hojii garee keessatti barattoota afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} qaban addaan baasuudha. Dabalataanis, qorannoowwan kanneen adda kan isaan taasisan manneen barnootaa irratti geggeeffame gargar ta'uusaa, akkasumas rakkoolee raawwii dandeettii barreessuu hojii garee keessatti jiran addaan baasuun furmaata kaa'uudha.

Qorannoon inni **sadaffaan** bara (2007) Margaa Dablootiin kan gaggeeffame yoo ta’u mata-duree, ‘’Sakattaa Rakkoolee Raawwii Hojii Garee Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa lammaffaa gola barnoota Afaan Oromoo irratti gufuu ta'an’’ addaan baasuu ta’a.

Kaayyoon Qorannoo Margaa, Naannoo Oromiyaa, Godina Horroo Guduruu Wallaggatti, Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa 2^{ffaa}, gola banoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti raawwii hojii garee wantoota gufachiisan sakatta'uudha.

Kaayyoon qorannoo kanaa garuu,’’ Rakkoolee raawwii dandeettii barreessuu barattootaa hojii garee keessatti barattoonni kutaa 9ffaa qaban addaan baasuun furmaata laachuu isaatu adda isa taasisa. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa adeemsa rakkoowwan raawwii dandeetttii barreessuu hojii garee keessatti barattoota mudatan sakatta'uun ragaadhaan mirkaneessuu, argannoosaa qaaccessuu fi yaada furmaataa kennuundha.

Qorannoon walfakkii inni **Arfaffaan** bara (2012) Kadiir Bullootiin kan geggeeffame yoo ta'u, matadurreen qorannichaas “Rakkoowwan keeyyata Afaan Oromootiin barreessuurratti barattoota kutaa 9ffaa mudatan” kan jedhu yoo ta’u, qorannichi mana barumsa Dajjaasmaach Garasuu Dhukii sadarkaa lammaffaatti geggeeffame. Kaayyoon qorannoo kadiir rakkoowwaan bu’uuraa keeyyata Afaan Oromootiin barreessuurratti barattoota Kutaa 9ffaa mudatan addaan baasuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa immoo rakkoolee raawwii dandeettii barreessuu hojii garee barattoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti qaban sakatta’uun furmaata kaa’uudha, Qorannoowwan lamaan kanneen kan adda godhu, qorannoowwan kunniin lamaan bakkeewwan adda addaatti adeemsifamuu isaati, akkasumas kan Kadiir Keeyyata irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u , kun garuu rakkoolee dandeettii barreessuu hojii garee keessatti barattoonni kutaa 9^{ffaa} qaban addaan baasuun qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha.

BOQONNAA SADII
3. MALLEEN QORANICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa (Research Design)

Saxaxa qorqnnoo kaayyoon qorannoon sun gaggeeffamuuf ka'ame sana galmaan gahuuf wantoota raawwatamuu qaban of jalatti kan hammatuudha. Isaanis, mala qorannoo, mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamanfi mala xiinxala odeeffannoo kan of jalatti hammateedha.

3.2. Mala Qorannichaa

Qorataan gosa qorannoo makaa (akkamtaafi hammamtaa) tti fayyadamuun Qorannoo isaa gaggeessee jira. Sababni malli kun filatameef, odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi mit-lakkoofsaan hiikuun waan barbaachiseef.

Kunis kan ta'eef, ragaalee bifa bilchina qabuun funaanamuufi xinxaluuf barbaadameeti. Kun immoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkoolee mul`atan gadi-fageenyaan akka hubataniif gargaara Creswell, (2009). Yaada kanarraa wanti hubannu, malli kun gadi fageenyaan xiinxaluudhaaf humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuuf haala kan mijeessu ta'uu isaa hubanna. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti, akkuma odeeffannoon argameen duraaf duubatti deemuun xinxaluun nidanda'ama. Odeeffannoon akkamtaan argame kunis, jecha irratti hundaa'uun mala addeessaatiin yookiin ibsaatiin kan dhiyaateeruudha. Kanaafuu, jechoonniifi akkaataan itti fayyadama keenyaa, dhimmi sun waan barbaadameef hojiirra oolchuurratti gahee guddaa taphateera.

Qorannoon hammamtaa lakkoofsatti fayyadamuun, hammamii? kan jedhu wantoota hojjataman lakkoofsaan ibsuudha. Akaakuuwwan qorannoo kanaa odeeffannoo funaanuufis ta'ee qaaccessuuf, haala inni lakkoofsaan ibsuu danda'uun dhiyeessuu jechuudha.

Kaayyoon guddaan qorannoo hammamtaa, hammamii walitti dhufeenya jijjiiramootaa kan murteessudha. Saxaxni qorannoo kanaas, ibsarratti hundaa'eera. Ibsi taasifames, walitti dhufeenya jijjiiramoota gidduu jiru addaan baasuurratti xiyyeeffata. Akaakuuwwan qorannoo kanaan olii addaan baafachuun, akkaataan odeeffannoon itti funaanamuufi gosa odeeffannoo funaanamu mararratti hubannoo keenya cimsa. Sababni isaas qorannoo tokko keessatti gargaaramuun hundarra gumaacha guddaa waan qabuuf, milkaa'ina, amanamummaa, qabatamummaafi cimina qorannootiif utubaadha.

Qorannoon kunis,‘’Sakatta’a rakkoolee raawwii dandeettii barreessuu barattoota kutaa 9ffaa ’’irratti xiyyeeffachuun, odeeffannoo bargaaffii banaafi cufaadhaan funaaname, lakkoofsaafi parsantiin (%) jechuun, hammamtaan taahanii, akkamtaan immoo kan xiinxalaman yoo ta’u, kanneen bargaaffii banaa, afgaaffiin funaanaman immoo, akkamtaadhaan xiinxalamee kan hojjatameedha.

Walumaagalatti, odeeffannoon kallattii adda addaatiin funaanamee xiinxalame, ragaaleefi tooftaalee walitti fiduun, dhimma cimaa tokko keessaa baasuuf haala mijeessee jira. qorannoon makaan isa tokkoorraa bu’a qabeessa. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, sakatta`a rakkoolee raawwii dandeettii barreessuu hojii garee irratti kan xiyyeeffate waan ta’eef, qorataan mala kanatti dhimma bahee jira.

3. 3. Mala Iddatteessuu

Qorannoo tokko gaggeessuuf, gosaawwan iddattoo gara garaatu jiru. Qorannoo kana gagge essuuf, barattoota Mana Barumsa Bishaan Gurraachaa sadarkaa 2^{ffaa} hunda irraa odeeffannoo funaanuun waan rakkisuuf, qorataan haala qajeelfamaa irratti hundaa’uudhaan iddattoo garagaraa gargaaramee odeeffannoo funaannachuun qorannoo gaggeessee jira. Malli iddattoo itti fayyadame mala carraa tasaati. Mala carraa keessatti barattoota qorannoof kaayyeeffaman keessaa carraa walqixaa kennuuf hanga tokko gargaara. **(**Yaalaw 1998)

Qorannoo kanaaf madda odeeffannoo kan ta’an, barattootaafi barsiisotaa mana barumsa Bishaan Gurraachaa sad.2^{ffaa} ti. Barattoota kutaa 9^{ffaa} barnoota afaan oromoo barataniif yemmuu ta’an Barsiisonni immoo kanneen barnoota afaan oromoo mana barumsa Bishaan Gurraachaa sad.2ffaa kutaa 9 ^{ffaa}_ 12^{ffaa} barnoota afaan oromoo barsiisan ta’ee, Manni barumsaa kunis, barattoota kutaa 9ffaa walii gala barattoota dhiira 330 dubara 307 ida’ama 637 irratti hundaa’uudhaan gaggeeffamee jira. .

3.3.1 Iddattoo Barattootaa

Barattoonni afgaafii deebisuuf filataman hundi barattoota kutaa sagaliiti. Barattoonni kun kanfilataman dareewwan kutaa sagalii afur keessatti. Dareen tokko gidduu galeessaan barattoota 60 ta'an qaba. Dareewwan afur kana keessaa daree dareen barattoota 15,15, (kudha shan- kudhan shan) akka feeteedhaan (randomly) galmee daree tokkoo tokkoo kessaa sadi darbuun arfaffaa filuudhaan gaafannoo akka guutan ta'eera. Haaluma kanaan, barattoonni gaafannoo deebisan dhiira soddomii sadi (33) fi dubara digdamii torba (27), walumatti barattoota jahaatama (60) ta'u.

Barattoonni deebistootaa kunis barattoota kutaa sagalii dhiira 130 fi dub 110 Walitt qabaa 240) ta'an bakka bu'uun. Baay'ini barattoota deebii kennanii dhibbeentaadhaan 25% ta 'u.

3.3.2 Iddattoo Barsiisotaa

Barsiisonni afgaafii deebisan sadi (3) qofa. Akkuma walii galaatti barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} tti barsiisan, barsiisota sadi qofa waan ta'aniif, hundisaanii deebistoota ta' anii filatamaniiru. Barsiisonni kunniin dabareedhaan kutaalee hunda keessa barsiisu. Barsiisota hundasaaniitti fayyadamuun immoo ragaa barbaadamu haalaan argachuun qorattichi haalaan gaggeessee hojjateera.

3.3.3 Gaafiiwwan Barsiisotaafi Barattootaa

Baay'inni gaafannoowwan barsiisotaa fi barattootaaf dhiyaatanii wal qixadha. Qabiyyeensaanii garuu,walfakkaata. **kutaan tokkoffaan**, odeeffannoo dhuunfaa deebistootaa agarsiisa.

Haaluma kanaan, baay'inni gaaffilee barsiisotaaf dhiyaatan kudhan (10) ta'ee kan barattootaaf dhiyaates baayi'in isaanii wal qixaadha.. Gaaffileen barattootaa kunis qabxiilee armaan olitti afgaafii barsiisotaa keessaatti ka'an hunda ofkeessaatti hammatanii jiru. Sababiin gaafannoon barsiisotaa wal fakkaachuu danda'eefis, irra caalaan raawwii dandeettii barreessuu kan karoorfamu, kan saganteeffamuufi qindaa'u barsiisotaan waan ta'eef, odeeffannoo bal'aa fi gahaa argachuuf qorattichi waan itti amaneef, kan barsiisotaa caalmaatti caccabsanii dhiyeessuun murteessaa ta'a.

Akkaatuma kanaan, gaaffileen bu'uuraa qorannichaa bargaaffii barattootaa afgaaffii barsiisotaa keessatti haala barbaachisaa ta'een akka hammataman ta'aniiru. Kana malees, qabiyyeewwan gaafannoowwan kanaa himteewwan sakatta'a raawwii dandeettii barreessuu keessatti dhiyaatanii haala walsimataniin akka dhiyaataniif yaaliin godhamee qorannoon irratti gaggeeffameera. Adeemsi akkasii immoo kaayyoo qorannichaa galmaan gaha jedhamee qorattichaan waan yaadameef.

3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Mata dureen kun "Sakatta'a rakkoolee raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoota kutaa 9ffaa mana barumsa Bishaan Gurraachaa sad 2ffaa kan jedhudha. Qorannoo kana gaggeessuuf, mata duree kana waliin kan walsimatu, meeshaaleen odeeffaannon ittiin funaanname filatamanii hojii qorannootiif ittiin gargaaramee jira. Meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaannaman kunis, rakkoo

dhiyaate sanaaf odeeffannoo qabatamaafi dhugaa ta'e argachuuf waan fayyadaniif, gaheen isaan qaban guddaadha. Kanaafuu, qorannoon kun, daree keessatti Raawwii dandeettiiwwan barreessuu keessatti barattoota kutaa 9ffaa barnoota afaan oromoo kan sakatta'u waan ta'eef, qorataan af-gaaffii, bar-gaaffii fayyadamuun itti gargaarameera.

3.4.1. Bargaaffii

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate, "Raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa kutaa 9ffaa keessatii sakatta`uu irratti kan jedhuudha. Kana gochuuf ammoo, meeshaaleen ragaan ittiin funaanamee, dhimmichi ittiin addaan bahu keessaa tokko bargaaffiidha. Innis, gaaffiilee banaa ta'anii gaafataman barreeffamaan dhiyaateefii, odeef-kennitootni ragaa yookaan odeeffannoo kennuu barbaadan barreeffamaan kan ibsataniidha. Yaada kana, Zoltan (2007:103) yoo ibsu, "Bargaaffiin malleen ragaa ittiin funaanamu keessaa isaa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'e argama". jedha.

Yaada oliirraa wanti hubannu, meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa bar-gaaffiin, eenyummaa nama sanaa waan hin gaafanneef, odeef-kennitootni miiraa itti dhagahame akka barbaadanitti ibsachuuf, meeshaa filatamaa kan tahedha. Kun immo qorannoo tokkoof bakka guddaa qaba. Bargaaffiin, qorannoo kanaaf meeshaa ittiin odeeffannoon funaaname keessaa isa tokko dha. Bargaaffiin, si'a tokkoon namoota baay'ee irraa odeeffannoo argachuuf kan nu fayyaduufi namni ragaa kennu sodaa tokko malee yaada itti dhagahame kan itti ibsatu ta'uu beektonni ibsaniiru.

Qorannoo kanaaf bargaaffiin dhiyaate kutaa lama kan qabudha. Kuta inni jalqabaa, gaaffilee cufaa kan qabate yoo ta`u, kutaan inni lammataa immoo, barattoonni raawwi dandeettiiwwan barreessuu keessatii haala banaa ta'een akka ibsaniif kan dhiyaateedha. Haaluma kanaan, meeshaa funaansa ragaalee kanatti dhimma bahuun, qorataan kun kaayyoowwan hunda bifa barbaadameen galmaan gahameera. Mana barumsa Bishaan Gurraachaa sadarkaa 2ffaa Bulchiinsa Magaala keessatti Barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa raawwii dandeettiiwwan barreessuu keessatti barsiisuu wantoota rakkoo ta'an addaan baasuufi yaadolee furmaataa rakkoolee eeraman hambisuuf kan xiyyeeffatameedha.

3.4.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin, odeeffannoo ifaafi gadifageenyaan argachuudhaaf kan na dandeessisedha. Meeshaa odeeffannoon ittiin funaanamu Kana ilaalchisee**,** Yaalaw (1998) akka ibsetti: "yeroo afgaaffiin

gaafatamu, qoratichi deebii argaturraatti dabalataan sochii qaamaa nama afgaafficha deebisuufi jijjiirama miira isaarraa hubachuun waan danda'amuuf, qorannoofi odeeffannoo ta'u funaanuuf nama gargaara". Waan kana ta'eefis, qorataan, bargaaffiin ragaawwan argatu gabbisuuf, dabalataan, dura bu'ootaaf lamaa dubbisuudhaan yaada muraasaa irraa argadhee jira. Af-gaaffii kanatti dhimma bahudhaan, kaayyoon galma gahameera. Mana barumsa Bishaan Gurraachaa sadarkaa 2^{ffaa} keessatti barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} adeemsa baruu barsiisuu keessatii barsiisonni dandeettii barreessuu barattootaa hordofuufi cimsuu isaanii addaan baasuu, raawwii dandeettii barreessuu barattootaa keessatti wantoota gufuu ta`aniif furmaata eeruudhaan kan naaf deebisan ta'a.

3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Qorannoo kana keessatti, odeeffannoon odeef-kennitoota irraa meeshaalee adda addaattii gargaaramuudhaan funaanaman, bifa garaagaraatiin xinxalamee jira. ragaaleen mala akkamtaaniifi mala lakkoofsaatiin xiinxalama. Ragaaleen bargaafiidhaan walitti qabaman gaaffilee cufamoo keessatti mala lakkoofsaatiin dhibbeentaadhaan akka cuunfaman qorattichaan taasifameera. Wantoonni dhibbeentaan argaman ibsa gahaadhaan akka xiinxalaman, Akkasumas ragaaleen funaanaman cuunfaa bar-gaaffiifi af-gaaffiin argaman mirkaneessuun xiinxalliin qorannoo kanaa adeemsifameera.

BOQONNAA AFUR

4. DHIYEESSUU, QAACCESSUUFI HIIKUU

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen tooftaa garagaraatiin sassaabamuun dhiyaatan qaacceffamaniiru. Kunis, ragaaleen sakatta`amee bar-gaaffii, af-gaaffii,fi kitaabaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa boqonnaa tokko irraa kaasee hanga boqonnaa kudha saddeet gilgaalota hunda sakatta'uun gabateedhaan erga qindeeffamanii booda haaluma armaan gadiitiin qaacceffamanii ibsamanii jiru.

4.1. Duubee OdeefKennitootaa

Duubee Odeef kennitoota, barattootaa,barsiisotaafi dura bu'ootaa haala armaan gadiitti tartiibaan ibsamaniiru. Barattoonni ragaa kennuudhaaf filataman dhiira soddomii sadi (33) dubara digdamii torba (27) ida'ama jahaatama (60), barsiisota dhiiraa lama (2) dubarri tokko (1) Walitti qabaa barsiisota sadii (3) fi dura bu'aa tokoofi I/A Dura bu'aa tokko gaaffilee dhihaataniif deebii kan kennan saala, umrii, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojii isaanii waliin qindaa'uun gabateedhaan dabaleewwan jalatti ibsuuf yaalameera.

4.2.Xinxalaafi Ibsa Ragaalee Madda Garaa garaa Irraa Argaman

4.2.1 Qaaccessa Bargaaffii barattootaa kan mana barumsa Bishaan Gurraachaa.

As jalatti ragaaleen meeshaa funaansaa ragaalee adda addaa fayyadamuun walitti funaanaman bifa qindaa'aa ta'een duraa duubaan dhihaatanii jiru.

Gaaffii tokkoffaa ,Wantoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa keessaatti dhiibbaa fidan tartiibaan (walduraaduubaan) 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa,4ffaa,5ffaa Kaa'I kan jedhuuf haala armaan gadiitti gabateedhaan ibsameera. .

Gabatee 4.1 Wantoota raawwii dandeettiwwan barreessuu keessatti dhiibbaa fidan

Baay'ina barattootaaa	Wantoota raawwii dandeettiwwan barreessuu keessatti rakkoo fidan	Safartuu											
		1ffaa		2ffaa		3ffaa		4ffaa		5ffaa		Ida'ama	
		Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%
60	Hir'ina shaakalaa	28	46.7	14	23.3	8	13.3	6	10	4	6.6	60	100
	Hir'ina kaka'umsa	22	36.7	18	a	10	16.7	7	11.7	3	5	60	100
	Hir'ina seera barreeffamaa hubachuu dhabuu	25	41.7	15	25	11	18.3	4	6.7	5	8.3	60	100
	Barsiisaan kee waanta barreessiteef duubdeebii kennuu dhiisuu	7	11.7	17	28.3	12	20	8	13.3	16	26.7	60	100
	Barsiisotni dandeettiiwwan barreessuu haalaan waan na hin barsiisneefi	10	16.7	16	26.7	21	35	7	11.7	6	10	60	100

Hub. Lakkoofsi 1,2,3,4,5 jiran sadarkaa rakkoo kan mul'isaniidha.

gaaffii 1ffaa irratti akka arginu, barattoonni yommuu barreeffama barreessan dhimma barreessaniif sana xiyyeeffannoo keessa galchuu dhabuu saanii sadarkaadhaan kaa'anii jiru. Haaluma kanaan barattoonni 28(%46.7) sadarkaa 1ffaa hir'ina dandeettiiwwan barreessuu shaakaluu xiyyeeffannoo kennuu dhabuusaanii nutti mul'isa.Barattoonni 14(%23), sadarkaa2ffaafi barattoonni 8(%13), sadarkaa 3ffaa, barataan 6 (%10) sadarkaa 4ffaa barattoonnifi 4 (%6.6) sadarkaa shanaffaa irra kaa'anii jiru.

Akkuma gabatee gubbaa irratti ibsame irratti hundaa'uun hir'ina kaka'umsa barreessuu shaakaluu dhabuu isaanii sadarkaadhaan kaa'anii jiru. Barattoonni 22 (%36.7) sadarkaa 1ffaa irra kaa'anii jiru. Barattoonni 18 (%30) sadarkaa 2ffaa irra kaa'anii jiru. Barattoonni 10 (%16.7) sadarkaa 3ffaa irra kaa'anii jiru. Barattoonni 7 (%11.7) sadarkaa 4ffaa irra kaa'anii jiru. Barattoonni 3(%5) Sadarkaa 5ffaa irra kaa'anii jiru.

Haaluma gabatee armaan olitti ibsame irratti hundaa'uudhaan Hir'ina seera barreeffamaa hubachuu dhabuu irratti barattoonni yemmuu sadarkeessan, Barattoonni 25(%41.7) sadarkaa 1ffaa Barattoonni 15(%25) sadarkaa 2ffaa barattoonni 11(%18.3) sadarkaa 3ffaa Barattoonni 4 (%6.7) sadarkaa 4ffaa barattoonni 5 (%8.3) sadarkaa 5ffaa jechuudhaan haaluma gaafatamaniin deebisanii jiru.

Gabatee armaan olitti ibsame irratti hundaa'uudhaan Barsiisaan kee waanta barreessiteef duubdeebii kennuu dhiisuu gaaficha jedhu yemmuu sadarkeessan , Barttoonni 7(%11.7) sadarkaa 1ffaa , Barattoonni 17(%28.3) sadrkaa 2ffaa barattoonni 12(%20) sadrkaa 3ffaa barattoonni 8 (%13.3) sadarkaa 4ffaa , barattoonni 16(%26.7) sadrkaa 5ffaa jechuudhaan haaluma gaafatamaniin deebisanii jiru.

Gabatee armaan olitti ibsame irratti hundaa'uun gaaffii Barsiisotni dandeettiiwwan barreessuu haalaan waan na hin barsiisneef jedhu barattoonni yemmuu sadarkeessan haala armaangadiitiin ibsanii jiru . Barattoonni 10(%16.7) sadarkaa 1ffaa, Barattoonni barattoonni 16 (%26.7) sadarkaa 2ffaa) Barattoonni 21(%35) sadarkaa3ffaa, Barattoonni 7 (%11.7) sadarkaa 4ffaa Barattoonni6(%10) sadrkaa 5ffaa jechuudhaan hunda isaaniituu sadarkaadhaan haala armaan oliitti ibsaniiru.

Walumaagalatti, raga barattoonni kennan kanarraa waanti hubannu, barattoonni dandeettii barreessuu gonfachuuf xiyyeeffannoo kennuu dhabuusaanii sadarkaa kaa'anii jiru. Kanarraa kan hubannu, sadarkaan dandeettiiwwan barreessuuf xiyyeeffannoo kennan wal haa caalu malee hundi isaanii waan barreessan sana, qaama barreessaniifi kkf xiyyeeffannoo keessa kan hin galchine ta'uusaati. Namni tokko dandeettii barreessuu gonfachuuf, shaakaluu, kaka'umsa qabaachuu, seera barreeffamaa hubachuufi kkf xiyyeeffannoo keessa galchuu dhabnaan barreeffamicharratti dhiibbaa fiduu danda'a. Barattoonni harki caalu dandeettiiwwan barreessuu akka hin gonfanne ragaa kanarraa hubachuun dandameera.

- Kanbiroo yoo jiraate haa ibsamu gaaffii jedhuuf immoo barattoonni digdamii shanii yaada yoo kennan “akka mana barumsaa keenyatti baayina barattootaa irraa kan ka’e barsiisaan afaan Oromoo haala barbaadameen daree keessa deemee barreeffama keenya ilaalaa duub deebii nuuf kennuudhaaf yeroon hin gahuuf, kanaafuu qaamni dhimmi kun ilaallatu furmaata osoo nuuf kennee haala salphaa ta’een shaakallee” jedhu.

Gaafii lammaffaa, Barsiisaan yookiin barsiistuun kee shaakala barreeffama kan akka abbaltii, battallee, hojii garee yommuu siif kennu/kennitu dogoggorakee waraqaa ykn dabtara irratti siif barreessaa/sitii? Gaaffii jedhuuf barattoonni 48 (%80) Miti . woraqaa irratti dogogora keenya nuuf hin barreessan akkumawalii galaatti gabatee irratti dogogora keenya hamma tokko nutti himuuf yaalu jedhan. Barattoonni 12 (%20) eeyye dogogora keenya waraqaa irratti nuuf barreessuun akka irraa barannu nu shaakalchiisu.

Gaaffii sadaffaa Dandeettiiwwan Afaanii arfan keessaa kamtu guddisee sitti ulfaata? Gaaffii jedhuuf, Barattoonni 38(%63.3) Barreessuut baay’ee nutti ulfaata, Barattoonni 16(%27.7) Dandeettii dubbisuutu baay’ee nutti ulfaata, Barattoonni 6(%10) Barattoonni dandeettii dubbachuuti baay’ee nutti ulfaata.jedhaniiru. dandeettiin dhaggeeffachuu natti ulfaata kan jedhe hin jiru.

Gaaffii arfaffaa Dandeettiiwwan armaan gadii keessaa kamitti fayyadamuuf filatta? Gaaffii jedhuuf, Barattoonni 47 (%78.3) yaada keenya ibsachuu yoo barbaadne kan ittiin ibsachuudhaaf itti fayyadamuu filannu dubbachuudha jedhaniiru. Barattoonni 13(%21.7) barreessutti fayyadamuu filanna jedhaniiru.

Gaaffii shanaffaa, Deebiinkee kamiyyuu yoo ta’e, maalif? Gabaabsii ibsi. Kan jedhuuf barattoonni 47 (%78.3) yaada isaanii yemmuu kennan dubbachuu wanti filannuuf kallattimaan yaada keenya soda tokko malee bakka kamittuu ibsachuu waan dandeennuuf barreessuun immoo yeroo hedduu waan fudhatuuf, barreeffamni keenyas bakka tokko tokkotti hanqina waan qabuuf namoonni dubbisanii ergaa guutuu ta’e irraa argachuun waan nama rakkisuuf jedhu. Barattoonni 13(%21.7) dubbiidhaan ergaa dabarfachuu waan sodaannuuf akkasumas namoonni nutti kofla jennee waan saalfannuuf kallattimaan barreeffamaan eragaa keenya dabarfachuu barbaanna jedhaniiru.

Gaaffii Jahaffaa, Yemmuu yaada kee barreeffamaan ibsattu Sitti salphataa? ykn. Sitti cimaa? gaaffii jedhuuf Barattoonni 15 (%25) haalaan nutti salphata, sababiin isaa sodaa tokko malee waan

barbaanne sana barreeffamaan ibsachuu waan dandennuuf. Barattoonni 45 (%75) Barreeffamaan yaada keenya ibsachuun baay'ee tokko nutti cima , sababiin isaa seera barrffamaa hunda kanneen akka sirna tuqaalee ,qubguddeessaa qindoomina yaadaa akkasumas walqabannaa jechootaa karaa qulqulluu ta'een barreessuu waan hindandeenneef nutti cima jedhaniiru.

Gaaffii torbaffaa, Keeyyata afaan oromootiin yemmuu barreessitu rakkoolee qabda? Gaaffii jedhuuf Barattoonni 60 (% 100) Eeyyan ni qabna jedhaniiru.

Gaaffii saddeetaffaa Deebiin kan kee "eeyyeen" yoo ta'e, iddoo rakkoolee kankeetii yaadota armaan gaditti tarraa'an 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa,4ffaa,5ffaa Jechuun sadarkaadhaan kaa'i

Gabatee 4.2 Qaaccessa Raawwi Dandeettiiwwan Keeyyata barreessuu keessatti hanqinnoota barattoota irratti mul'atan.

Baay'ina barattootaa	Raawwii Dandeettiiwwan keeyyata barreessuu keessatti Rakkoolee barattoota irratti mul'atan	Safartuu											
		1ffaa		2ffaa		3ffaa		4ffaa		5ffaa		Ida'ama	
		Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%	Lakk	%
60	Filannoo Jechoota	18	30	15	25	12	20	8	13.3	7	11.7	60	100
	Seerluga afaanichaa eeguu	17	28.3	12	20	15	25	10	16.7	6	10	60	100
	Walqabatiinsa yaadaa eeguu	5	8.3	7	11.7	12	20	21	35	15	25	60	100
	seeraan Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhabuu	17	28.5	12	20	11	18.3	16	26.7	4	6.7	60	100
	Qubeessuu	10	16.7	15	25	17	28.3	12	20	6	10	60	100
	Qubguddeessuu	8	13.3	14	23.3	13	21.7	16	26.7	9	15	60	100

Hub. Lakkoofsi 1,2,3,4,5 jiran sadarkaa rakkoo kan mul'isaniidha.

Raawwi Dandeettiiwwan Keeyyata barreessuu keessatti hanqinnoota barattoota irratti mul'atan barattoonni sadarkaadhaan gabatee armaan olii keessatti yemmuu ibsan isa irratti hundaa'uun ibsi dabalataa bal'aan itti kennameera. Isaanis Barattoonni yemmuu keeyyata barreessan hanqina Filannoo Jechootaa qabaachuu isaanii barattoonni 18(%30) sadarkaa 1ffaa ,Barattoonni 15 (%25) sadrkaa 2ffaa , Barattoonni 12(%20) sadarkaa 3ffaa , barattoonni 8 (%13.3) sadarkaa 4ffaa ,barattoonni 7(%11.7) sadarkaa 5ffaa qabaachuu isaanii tartiibaan ibsanii jiru.

Barattoonni yemmuu keeyyata barreessan hanqina Seerluga afaanichaa eeguu irratti gabatee armaan oliikeessatti sadarkaadhaan yemmuu ibsan,Barattoonni 17(%28.3) sadarkaa 1ffaa barattoonni 12(%20) sadarkaa 2ffaa ,Barattoonni 15(%25)sadarkaa 3ffaa , barattoonni 10(%16.7) sadarkaa 4ffaa, Barattoonni 6(%10) sadarkaa 5ffaa hanqinna Seerlugaa afaanichaa eeguu irratti rakkoo qabaachuu sadarkeessuudhaan ibsanii jiru

Barattoonni yemmuu keeyyata barreessan hanqina Walqabatiinsa yaadaa eeguu irratti hanqinnoota qaban yemmuu sadarkeessan, Barattoonni 5(%8.3) sadarkaa 1ffaa , Barattoonni 7(%11.7) sadarkaa 2ffaa , Barattoonni 12(%20) sadrkaa 3ffaa, Barattoonni 21(%35)sadarkaa 4ffaa , barattoonni 15 (%25) sadarkaa 5ffaa jedhanii haala kanaan sadarkeessuudhaan agarsiisanii jiru.

Barattoonni yemmuu keeyyata barreessan hanqina seeraan Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhabuu haala kanaan sadarkeessanii jiru. Barattoonni 17(%28.5) sadrkaa 1ffaa, Barattoonni 12(%20) sadarkaa 2ffaa, Barattoonni 11(%18.3) sadarkaa 3ffaa , Barattoonni 16(%26.7) sadarkaa 4ffaa , Barattoonni 4(%6.7) sadarkaa 5ffaa ta'uu isaanii sadarkeessuudhaan ibsanii jiru.

Barattoonni yemmuu keeyyata barreessan hanqina Qubeessuu keessatti yemmuu of madaalanii sadarkaadhaan kaa'an , Barattoonni 10 (%16.7)sadarkaa 1ffaa ,barattoonni 15(%25) sadarkaa 2ffaa , Barattoonni 17(%28.3) sadarkaa 3ffaa, Barattoonni 12(%20) sadarkaa 4ffaa ,Barattoonni 6(%10) sadarkaa 5ffaa jechuudhaan of madaalanii haala kanaan sadarkaa kaa'achuu isaanii ibsanii jiru.

Walumaa galatti Barattoonni yemmuu keeyyata barreessan hanqina Qubeessuu keessatti yemmuu of madaalan sadarkaadhaan gabatee armaan olii keessatti kan nuhubachiisuudha.

Barattoonni yemmuu keeyyata barreessan hanqina Qubguddeessatti fayyadamuu irratti haala armaan gadiitti sadarkeessanii jiru. Barattoonni 8(%13.3) sadarkaa 1ffaa, Barattoonni 14

(%23.3) sadarkaa 2ffaa , Barattoonni 13(%21.7) sadarkaa 3ffaa , Barattoonni 16(%26.7) sadarkaa 4ffaa , barattoonni 9(%15) sadarkaa 5ffaa ta'uu isaanii haala kanaan sadarkeessuudhaan raga kennanii jiru .Yaada kanaan walqabatee, afgaaffii barsiisaaf dhiyaaterratti, sadarkaa 1ffaairra kaa'uun,maqaasanii barreessuurraa kaasanii, hammaa barruu guutuu keessatti darbee darbee qubguddeessaa iddoo sirrii ta'etti hin fayyadaman jedhee jira.

Raawwii Dandeettiiwwan barreessuu barattoota irratti waantota hanqina ta'an kan biroo hirina shaakallitti. Afaan baruufi barsiisuu keessatti, dandeettii afaanii barattoota cimsachuuf dalagaalee garagaraa fayyadamuun murteessaadha.Dandeettii barreessuu barattootaa guddisuuf dalagaalee adda addaa sadarkaalee adda addaatti gargaaramuun barattoota shaakalsiisuun barbaachisaadha.

Gilgaalonni kun yeroo baay'ee akkaataa ulfina isaaniitiin bakka sadiitti qoodamu. Isaanis, dalagaalee to'annoo jalaa (controlled writing) jalatti barattoonni dogoggora irraa bilisa ta'anii dandeettii barrreessuu isaaanii akka shaakalan carraa kennuuf jechaan kan qophaa'uudha. Dalagaalee qajeelcha jalaa (guided writing activities) akka gosa shaakala kanaatti, gilgaalonni ijoo sadarkaa kanatti kennamuu qaban bakka duwwaa guutuu , gabaabsanii jecha biraatiin barreessuun jijjiiruufi kanneen kana fakkaataniidha. Gilgaalota kanneen dabalees,gilgaalota kan akka waldubbii guutuu, waldubbii barreessuu, keeyyata walqixa ta'e(parallel paragraph) barreessuu irratti shaakaluu qabu. Walumaagalatti, gilgaalonni kun barattootaaf carraa shaakalaa ni uuma jedhamee amanama. Dalagaaleen barattoota shaakalsiisuu kan biro dalagaalee barreeffama walabaati. Gosa shaakala barreessuu kanaatti, gilgaalota barattoota shaakalsiisan garaagaraatu jira. Gilgaalota kan akka keeyyata babal'isuun, afeewwan adda addaa kan akka seensaa, ibsaafi xalayaalee hin xumuramne xumuruu; afee tokko dubbisan jijjiiranii barreessuu; fakkiiwwaniifi kanneen kana fakkaatan gargaaramuun barbaachisaadha.Gilgaalonni kun ofitti amanamummaa barattootaa guddisuun waan sammuu isaanii keessaa jiru baasanii akka barreessan taasisuu danda'a.Bekan G (2015:154-158) hayyota garagaraa wabeeffachuun ibsee jira.

Gaaffii salgaffaa Wanti sitti dhagahamu yoo jiraate haa tuqamu. Kanjedhuuf, barattoonni soddomii torbaa 37(%61.7) barnoota kutaa 1ffaa hanga kutaa 9ffaa ttii afaan Oromootiin barannee yaada keenya barreeffamaan bifa sirrii ta'een ibsachuu dhabuu keenyaaf baay'ee nutti dhagahameera. Haata'uu malee kallattii gara fuula duraattii cimnee shaakaluudhaan waan barreeffamaan ergaadabarsuu barbbaanne bifa sirriifi qulqulluu ta'een xiyyeeffannoo itti kennuudhaan ergaa keenya dabarfachuudhaaf qophiidha.

Gaaffii kudhanaffaa Rakkoolee gurguddoo raawwii dandeettiiwwan barreessuu gufachiisan jettanii yaaddan kan biroo yoo jiraate tarreessaa. Yaada furmaataas kennaa. Kan jedhuuf,

Rakkoolee gurguddoo Raawwii dandeettiiwwan barreessuu keessatti gufachiisan jettanii yaaddan kan biroo yoo jiraate tarreessaa, Gaaffii jedhuuf, Barattoonni 41(%66.7) Rakkooleen ijoon dandeettii barreessuu irratti nuti qabnu; "Yeroon barnoota Afaan Oromootiif ramadame gahaa ta'uu dhabuu irraa kan ka'e barsiisaan Afaan Oromoo torbetti wayitii lama qofa nu barsiisa akkasumas daree tokko keessatti barattoonni jiran jahaatamaa hanga jahaatamii sadiiti, Baayina barattootaa kana irraa kan ka'e barsiisaan wantoota dandeettiiwwan barreessuu nuti shaakallu duubdeebii nuuf kennuun akka barreeffama keenya fooyyeffannu gochuu irratti baay'ee rakkisaadha. Barreeffama tokko kanneen akka hojii mana, abbaltii, akkasumas yaadannoo garagaraa yemmuu barreessinu dandeettiiwwan kana xiyyeeffannoo keessa galchuun hanqina qabnu fooyyessaa deemuudhabuun rakkoo guddaa nutti ta'ee jira. Fedhii dandeettii barreessuu keenya gabbifachuuf qabnu laafaa waan ta'eef. Barsiisonni dandeettii barreessuu yemmuu nu shaakalchiisan itti fufiinsa waan nu hin shaakalchiisneef, nutis xiyyeeffannoon shaakaluu dhabuudha. Barattoonni daree keessatti dandeettii barreessuu wal shaakalchiisuuf fedhii guutuu waan hin qabaanneef. Faayidaa dandeettii barreessuu hubachuu dhabuu,akkasumas yeroo barsiisaan daree keessatti haala itti barreessuu dandeennu nu barsiisan xiyyeeffannoon hordofuu dhabuu. Wanta barreessine barattoota garee keenyaa waliin wal gaafachuu dhabuu. Fakkeenya kitaabaa fudhachuun haalaan akkaataa barreessuu itti dandeennu shaakaluu dhabuudhaa jedhaniiru.

- **Yaada Furmaataa barattoonni yemmuu kennan,** Barattoonni 47(%78.3) haala kanaan yaada furmaataa jechuudhaan ibsanii jiru**.** Barattoota ciccimoo waliin qu'achuun dogoggora keenya sirreeffachuu, Barsiisonni keenya yeroo shaakala dandeettiiwwan barreessuu nuuf kennan daree keessa deemuun nu too'achuun xiyyeeffannoon akka hojjannu taasisuu qabu, Wayitiin barnoota afaan oromootiif kenname gahaa waan hin taaneef torbetti yoo xiqqaate afurii hanga shanii (4 - 5) ta'uu qaba, Kitaabni Afaan Oromoo kutaa 9ffaa barataa hundaaf kennamee wal gahuu qaba,akkasumas nutis gama keenyaan kaka'umsaa fedhiidhaan hanqinnoota dandeettiiwwan barreessuu irratti nu mudatan furuudhaaf cimnee hojjanna jedhaniiru. Barattoota yeroo hundaa dandeettiiwwan barreessuu keessatti rakkoo qaban yookaan hin fooyyeffanne addaan baasuun barsiisaan gorsuufi fedhii itti horuu qaba.

4.2.2. Qaaccessa Afgaafii Barsiisota Mana Barumsaa Bishaan Gurraachaa Sadarkaa 2ffaa

Afgaaffii Barsiisota Mana Barumsaa Bishaan Gurraachaa Sadarkaa 2^{ffaa} Raawwii dandeettiiwwan barreessuu barnoota afaan Oromoo kutaa 9ffaa qaban haala armaan gadiitti qaacceffameera.

Gaaffii tokkoffaa Kanneen armaan gadii keessaa waantota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoota afaan Oromoo irratti rakkoo ta'an tartiibaan 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa,4ffaa,5ffaa Jechuun walduraaduubaan sababa isaa waliin gabaabsii ibsi. Kan jedhuuf Dhimma kanaan walqabatee gaaffilee afaanii barsiisota gaafachuun, odeeffannoo dabalataa qaaccessuun danda'amee jira. Haaluma kanaan gaaffii 1ffaa kanneen armaan gadii waantota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa fidan tartiibaan yommuu sadarkaa kaa'an, barsiisonni 2(%66.7) sadarkaa 1ffaa Hir'ina seera barreeffamaa hubachiisuu dhabuu sadarkaa 2ffaa irratt Hir'ina shaakalaa sadarkaa 3ffaa irratti Barattotaaf waanta barreessaniif duubdeebii kennuu dhiisuu(yommuu dogoggoran kana karaa kanaan sirreeffadhu jettee waraqaarratti yaada barreessuu dhiisuu sadarkaa 4ffaa Dandeettii barreessuurratti gilgaalonni gahaan kitaaba barattootaa keessatti dhuunfamuu dhabuu, sadarkaa 5ffaa irratti Dandeettii barreessuutiif xiyyeeffannoo kennuu dhiisuudha jechuun yaada isaanii ibsanii jiru.

Barsiisaan 1(%33.3) immoo yemmuu sadarkeessu, Akka mana barumsa keenyatti rakkoolee raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa yemmuu sadarkeessu, sadarkaa 1ffaa irratti Hir'ina shaakalaa, sadarkaa 2ffaa irratti Hir'ina seera barreeffamaa hubachiisuu dhabuu, sadarkaa 3ffaa irratti Dandeettii barreessuurratti gilgaalonni gahaan kitaaba barattootaa keessatti dhuunfamuu dhabuu, sadarkaa 4ffaa irratti Dandeettii barreessuutiif xiyyeeffannoo kennuu dhiisuudha 5ffaa irratti Barattotaaf waanta barreessaniif duubdeebii kennuu dhiisuu(yommuu dogoggoran kana karaa kanaan sirreeffadhu jettee waraqaarratti yaada barreessuu dhiisuu jechuun yaada isaanii ibsanii jiru, sadarkaa

Barsiisaan tokko yaada isaa yemmuu ibsu dandeettiiwwan barreessuu daree keessatti gadi fageenyaan yeroo dheeraa fudhannee barsiisuudhaaf banama guddatu jira jedhu, Fakkeenyaaf torbetti wayitii lamaa barsiisaa akkasumas wayitiin tokko daqiiqaa afurtama ta'ee (40) daree keessatti tokkoo tokkoo barattootaaf daftara ilaaluun duub deebii kennuun shaakakalchiisuun daran nutti ulfaata. Nuti kan irratti qabiyyeen kitaaba keessa jiruufi waayitiin kenname wal waan hin simnee kitaabicha xumuruuf seerlugaafi jechoota barsiisuurratti xiyyeeffadha jedhee jira. Yaada

barsiisaa kanaarraa kan hubannu barattoonni dandeettii barreessuu akka hin gonfanne xiyyeeffannoon barsiisonni kennan baay'ee xiqqaa ta'uusaati.

Walumaagalatti, raga kanarraa wanni hubannu irraa caalaan barataa sadarkaa 1ffaa,2ffaa, 3ffaafi 4ffaa 5ffaa irratti yommuu barruu garagaraa barreessan, raawwii dandeettiiwwan barreessuu isaaniirratti waantota Rakkoo ta'an keessaa inni guddaafi jalqabaa hir"ina shaakaluu dhabuu barattootaa akka ta'e nutti mul'isa. . Haata'umalee, yaanni barsiisaan kenne irraa kan hubannu ofii isaaniif shaakala wali irraa hin cinne raawwii dadeettiiwwan dandeettii barreessuu barsiisuuf barattoota akka dandeettii ulfaataa kana horatan gochuurratti hanqina guddaa akka qaban nu hubachiisa.

Gaaffii lammaffaa Barattoonni kee keeyyata afaan Oromootiin yommuu barreessan rakkoolee raawwii dandeettiiwwan barreessuu adda addaa qabanii? Kan jedhuuf, Barsiisonni sadanuu 3 (%100) "Eeyyeen hanqina hedduu qabu".

Gaaffii sadaffaa, Deebiinkee "eeyyeen" yoo ta'e, iddoon rakkoolee barattootaakee armaan gaditti

tartiibaan 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa… jechuudhaan sababa waliin ibsi. Barsiisonni 2(%66'6) sadarkaadhaan yemmuu ibsan 1ffaa Rakkoo seeraan Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhabuu barreeffama keessatti bakka maallattoon gaaffii galuu qabutti galchuudhabuu, barreeffama tokko keessatti mallattoo woraabbii, raajjeffannoo tuqaafi kanaafi kan kana fakkaatan bakka barbaachisutti barreessuun barreeffama guutuu taasisuu dhabuun hanqina raawwii dandeettiiwwan barreessuu fida jedhu. Sadarkaa 2ffaa Rakkoo Seerluga afaanichaa eeguu dhabuu sadarkaa 3ffaa irratti Rakkoo Qubeessuu sadarkaa 4ffaa Rakkoo Walqabatiinsa yaadaa eeguu 5ffaa Rakkoo Qubguddeessuu 6ffaa Rakkoo Filannoo Jechoota fayyadamuu dhabuu barattootaati.

Barsiisaan 1(%33.3) immoo sadrkaa 1ffaan Rakkoo Seerluga afaanichaa eeguu dhabuudha. 2ffaa Rakkoo Walqabatiinsa yaadaa eeguu 3ffaa Rakkoo Qubguddeessuu 4ffaa Rakkoo Filannoo Jechoota fayyadamuu dhabuu barattootaati Sadarkaa 5ffaa Rakkoo Seerluga afaanichaa eeguu dhabuu sadarkaa jechuudhaan haala kanaan sadarkeessanii jiru.

Walumaagalatti, ragaa barsiisonni kennan kanarraa waanti hubannu, barattoonni dandeettii barreessuu gonfachuuf xiyyeeffannoo kennuu dhabuusaanii sadarkaa kaa'anii jiru. Kanarraa kan hubannu, sadarkaan dandeettii barreessuuf xiyyeeffannoo kennan wal haa caalu malee hundi

isaanii waan barreessan sana, qaama barreessaniifi kkf xiyyeeffannoo keessa galchuunisaan akka rakkisu nutti mul'isa.Namni tokko dandeettii barreessuu gonfachuuf, shaakaluu, kaka'umsa qabaachuu, seera barreeffamaa hubachuufi kkf xiyyeeffannoo keessa galchuu dhabnaan barreeffamicharratti dhiibbaa fiduu danda'a. Barattoonni harki caalu dandeettii barreessuu akka hin gonfanne ragaa kanarraa hubachuu dandeenya.

Gaaffii arfaffaa, Dandeettiiwwan afaanii keessaa dandeettiin barreessuu ulfaataa yookiin xaxamaadha jedhama maalif sitti fakkaata? Gabaabsii ibsi. Akka barsiisonni 3 (%100) yaada isaanii kaa'anitti,dandeettiin barreessuu dandeettii bakka hundatti akka dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu baratanii miti. Dandeettiin kun Xiyyeeffannoo hedduu kanneen akka sirna tuqaalee, qubguddeessaa, qindoomina yaadaa, qubeessuu filannoo jechootaafi kkf waan barbaaduuf dandeettiiwwan hunda keessaa ulfaataa ta'uu danda'eera jedhaniiru. Waantonni raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattota Afaan Oromoo irratti sababa ta'an kan biroo dandeettii barreessuuf xiyyeeffannoo kennuu dhabuudha. Dandeettii barreessuu dandeettii dubbiin walbira qabdee hayyuun Byrne (1988) xiyyeeffannoo barbaaduusaa akkana jettee ibsiti,Walquunnamtiin dubbii afaaniin ta'uu uumamaan kan yeroo hedduu itti gargaaramnudha. Yeroo dubbii afaanii dubbataafi dhaggeeffataan qaamaan walbira argamuun yaadeebii waliif kennuun walsirreessuun nidanda'ama. Barreessuun garuu, gocha qofaan teenyee xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamuudha. Kanaaf yommuu barreeffamu yaaddeebiin nama biroo hin eeggatamu. Kunumti dandeettii barreessuu ulfaataa taasisuu danda'a. Yaada kanarraa ka'uun namni barreeffama tokko barreessu nama barreessuufi kaayyoo barreeffamicha ifa gochuurratti xiyyeeffannoon barbaachisaadha.

Walumaagalatti, yaada barsiisonni kennan irraa waanti hubannu, dandeettii barreessuu danteettiiwwan afaanii keessaa ulfaataafi xaxamaadha.Dandeettii ulfaataa kana daree barnootaa keessatti barattoonni akka gonfatan yommuu barbaadame obsa guddaafi kaka'umsa haamileessuu barsiisaa barsiisuurraatii daraan eegama. Haata'umalee, yaanni barsiisaankenne irraa kan hubannu ofii isaaniif kaka'umsaan dandeettii kana barsiisuuf barattoota akka dandeettii ulfaataa kana horatan gochuurratti hanqina guddaa akka qaban nu hubachiisa.

Gaaffii shanaffaa Barsiisaa/ttuu, akkuma muuxannoo qabdutti barreeffama barattootaa keessatti rakkoolee,qubeessuu, qubguddeessuu, filannoo jechootaa, seerluga afaanichaa eeguu, hima gaarii barreessuu, sirna tuqaalee iddoo barbaachisaa ta'etti fayyadamuu, keeyyata barreessuu keessatti

dogoggorri adda addaa ni mul'ata, wantoonni dhiibbaa kanaaf barattoota saaxilan maalfa'i? Gabaabsii ibsi. Hir'ina shaakalaa, Hir'ina seera barreeffamaa hubachuu dhabuu, Hir'ina kaka'umsa,,Barsiisaani waanta barreessiteef duubdeebii kennuu dhiisuu, Barsiisotni dandeettiiwwan barreessuu haalaan waan hin barsiisneefi barattoonni dandeettii barreessuutiif xiyyeeffannoo kennuudhabuu irraa kan ka'e dogogorri barreeffama barattoonni barreessan keessatti uumamuun danda'ameera.

Walumaagalatti, ragaa barattoonni kennan kanarraa waanti hubannu, barattoonni dandeettii barreessuu gonfachuuf xiyyeeffannoo kennuu dhabuusaanii sadarkaa kaa'anii jiru. Kanarraa kan hubannu, sadarkaan dandeettiiwwan barreessuuf xiyyeeffannoo kennan wal haa caalu malee hundi isaanii waan barreessan sana, qaama barreessaniifi kkf xiyyeeffannoo keessa kan hin galchine ta'uusaati. Namni tokko dandeettii barreessuu gonfachuuf, shaakaluu, kaka'umsa qabaachuu, seera barreeffamaa hubachuufi kkf xiyyeeffannoo keessa galchuu dhabnaan barreeffamicharratti dhiibbaa fiduu danda'a. Barattoonni harki caalu dandeettiiwwan barreessuu akka hin gonfanne ragaa kanarraa hubachuun dandameera

Gaaffii jahaffaa, Gilgaalota dandeettii barreessuu cimsan hojjechiisuu irratti kaka'umsi barattoonni qaban maal fakkaata? Barsiisonni 3(%100) Fedhiifi kaka'umsi barattootaa laafaadha. Sababiin isaanii seera barreeffamaa haalaan guutanii waani hin barreessineef si'aayina hin qaban haata'uu malee barattoonni ciccimoon muraasni barreessuuf fedhiifi kaka'umsa gaarii qabu wantoota daree keessatti kennameef kanneen akka hojii daree, fakkii kitaaba irra jiran irratti hundaa'uudhaan keeyyata barreessuudhaaf fedhii guutuu qabaachuu isaanii haalaan ibsan.

Gaaffii torbaffaa, Akka barsiisaa yookiin barsiistuu tokkootti kitaabni barattootaa hammam dandeettii barreessuu of keessatti dhuunfateera? Gabaabsii ibsi. Akka barsiisaa Afaan Oromoo tokkotti boqonnaalee kitaabicha keessa jiran keessaa dandeettiiwwan barreessuu irratti xiyyeeffataman yemmuu addaan baasan 3(%100), Boqonnaaleen irra caalaan kanneen akka boqonnaa 1, 2, 3, 4, 6, 12, dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa akka shaakalchiisu, boqonnaa tokkoo-tokkoo jalatti darbee darbee gilgaalota jalatti fakkiiwwan kitaaba keessatti kennaman irratti hundaa'uundhaan barattooni keeyyata akka barreessan kan hiriyyummaa shamarranii naannoo isaanii ilaalchisee keeyyata sadii-shanii qabu barreessuun dareef akka dhiyeessan, faayidaa Raadiyoo fi Televijiiniin dhukkuba hirrisuu irratti qabu keeyyata barreessuun dareef akka dhiyeessan, mata duree adda addaa irratti keeyyata barraa'e dubbisuun fakkeenya

isaatiin keeyyata biroo barreessuun dareef akka dhiyeessan, dandeettiiwwan barreessuu waa'ee sirna tuqaalee, adeemsa seera barreeffamaa keessatti tajaajilli tuqaafi buufata xiqaa irratti hundaa'uun akka shaakalaniifi kkf fakkaatan of jalatti hammatus kun qofti gahaa akka hin taane barsiisonni ibsaniiru.

Walumaa galatti kitaabni barataa Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa dandeettiiwwan barreessuu haala garagaraatiin kan of keessatti dhuunfateeru yoo ta'ellee kun qofti gaahaa akka hin taane barsiisonni haala armaan oliitti ibsanii jiru.

Gaaffii saddeetaffaa, Hojii daree, battallee, abbaltiifi qormaata keessatti dandeettii barreessuu hammam dhuunfachiifta? Yaadakee ibsi." Ni dhuunfachiisna"

Dandeettiiwwan barreessuu madaaluudhaaf gaaffiwwan adda addaa yemmuu barreeffamaan dhiyeessinuuf, barreeffamaan deebii yemmuu barreessan seeraan sirna tuqaaleetti fayyadamu dhabuu isaanii barsiisonni 3(%100). Sababa isaa yemmuu ibsian, yemmuu abbaltii,hojii manaa, qormaataafi kkf keessatti barreeffamaan deebii kennan mallattoo tuqaa irra caalaa ni fayadamu; darbee darbee immoo qoodduu ni fayyadamu, kannaan ala sirna tuqaalee kan biroo iddoo barbaachisaa ta'etti hin fayyadaman jedhaniiru

Raawwii Dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo Afaan Oromootiin keeyyata yemmuu barreessan Wantoota rakkoolee dandeettii barreessuu ta'an kan biroo seeraan jechoota qubeessuu,qubaguddeessa haalaan fayyadamuu dhiisuudha. Jecha, hima, keeyyataa fi barreeffama dheeraa barreessuu keessatti, jechoonni walitti qindaa'anii ergaa barreeffamichaa dabarsan seeraan hin qubeeffamne taanaan, ergaa bareeffamichaa dabarsurrattii dhiibbaa uuman keessaa tokko jedhaniiru.

Yaada armaan olii kana cimsuuf, hayyuun.Byrne (1988), qubeessuu ilaalchise dandeettii barreessuu gonfachuu keessaa tokko qubeessuu danda'uu ta'uusaati. Dhimma qubeessuu fooyyeffachuuf malli kan biroo dogoggora ofii beekuun sirreessuudha. Rakkoo qubeessuu keessaa bahuuf, kuusaa galmee jechootaa qopheeffachuun jechoota yeroo baay'ee qubeessuuf nama rakkisan adda baafachuun qalmeessaa deemuudhaan ykn kaa'uudhaan yeroo barreffama barreessinu kan itti fayyadamnu kuusaa jechootaa dhuunfaa qopheeffachuun barbaachisaa ta'uusaa ibsiti. Gaaffii salgaffaa, Akka barsiisaa yookiin barsiistuu ta'uukeetti dandeettii barreessuu haalli

barsiiftu dandeettiiwan biro waliin gahaadha jettee amantaa? Gahaa miti yoo jette sababakee ibsi. ”Gahaa miti”

Rakkoowwanraawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoota Afaan Oromoorratti dandeettiiwwan biro waliin yoo wal bira qabnu gahaa miti jedhu barsiisonni 3(%100) barattoonni waan barreessaniifi barsiisaan barreeffamaan duubdeebii kennuu dhabuudha. Barsiisaan duubdeebii barreeffamaan barattoota hundaaf kinnuun rakkisaa tauu danda’a.keessumaayyuu kutaa barattoonni baay’een jiran keessaatti irra caalaa rakkisaadha. Haata’umalee, barsiisaan barreeffama barattootaa sororee yaada itti keennuun barattoonni dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffataa akka deeman taasisuu waan danda’uuf akka salphaatti irra darbamuu hin qabu.

Walumaagalatti,gochaaleen dandeettiiwwan barreessuu shaakalchiisuuf dhihaatan ragaa barattootaa, barsiisotaafi gochaalee biroo kitaabicha keessatti dhihaataniin walbira qabamee yommuu madaalamu,gochaaleen barreessuu shaakalsiisuu dhihaatan baay’ee xiqqaa ta’uusaa namatti mul’isa.

Hanqinnoota dandeettiiwwan barreessuu barattoota Afaan Oromoorratti mul’atan kan biroo immoo barsiisonni barattoonni waan barreessaniif barsiisaan barreeffamaan duubdeebii kennuu dhabuudha. Raawwii dandeettiiwwan barressuu barattoota daree keessatti shaakalan sororuun gahee barsiisaa keessaa isa tokko. Waan barattoonni barreessaniif duubdeebii kennuun kan barbaachisu dhuma semisteeraarratti qofa osoo hin ta’in haala walitti fufiinsa qabuun ta’uu qaba. Sababnisaa barreeffama barattootaarraa yeroo yerootti duubdeebii hin kennine yoo ta’e, dogoggora uumamuuf barattoonni abdii kutachuun dandeettii barressuu isaanii fooyyeeffachuuf abdii dhabuu danda’u.

Hanqinnoota dandeettiiwwan barreessuu barattootaa irratti mul’atan kan biro kan jedhu irratti barsiisonni 3(%100) yoo ibsan Afaanni hundi saayinsii mataasaa akka qabu hubannoo hin qaban. Kanarraa kan ka’e akkuma dubbatanitti waan barreessan waan itti fakkaatuuf, dandeettii barreessuuf xiyyeeffannoo hin kennan. Afaanicha beekna jechuun seeraan barachuu dhabuudha. Barattoonni Afaan Oromootiin afaan hiikkatan, rakkoon isaanii guddaan ilaalcha barnoota Afaan Oromootiif qabaniidha.Kana jechuun, yommuu barumsa daree keessatti baratan xiyyeeffannoo barbaachisaa ta’e hin kennaniif, sababnisaa afaan kana dubbachuufi dhaggeeffachuu hawaasaafi maatii keessatti baratanii gara mana barumsaa waan dhufaniif saayinsii Afaan Oromoo hunda

waan beekan itti fakkaata. Kanaaf akka itti dubbatanitti barreessuurratti dhiibbaa hammana hin jedhamne qabu. Ilaalchi afaanicha ni beekna jechuun seeraan barachuu dhabuusaanii hamma kutaa sagalaffaa gahanitti dandeettii barreessuu isaaniirratti rakkoo guddaa fidee jira.

Gaaffii kudhanaffaa, Rakkoolee gurguddoo raawwii dandeettiiwwan barreessuu gufachiisan jettanii yaaddan kan biroo yoo jiraate tarreessaa. Yaada furmaataas kennaa.

Rakkoolee gurguddoo gola barnoota Afaan Oromoo keessatti rokkoo dandeettii barreessuuti jettanii amantanii? gaffii jedhuuf, barsiisonni yemmuu yaada kennan, "Sirni barnootaa dandeettii barreessuu barattootaatiif xiyyeeffannoo waan hin kennineef, haalli daree barnootaa,teessuma barattootaa, waan hin mijoofneef akkasumas fedhiin barattootaa barnoota irratti laafaa waan ta'eef,muuxannoo wal jijjiiruu dhabuu barattootaafi kanaafi kan kana fakkaataniidha.

Yaada furmaataa isaanii tarreessaa kan jedhuuf immoo, Barattoonni fedhii barnootaa horachuun raawwii dandeettiiwwan barreessuu kanneen akka Seerluga afaanichaa eeguu, hima gaarii ijaaruu, Yaada maddisiisuu, walqabatiinsa yaadaa eeguu, seeraan Sirna tuqaaleetti fayyadamuu, seera barreeffamaa eeguudhaan qubeessuu, Qubguddeessa haalaan shaakaluuf shaakalchiisuu, dareen barnootaa haala qajeelfama istaanderdiitiin qophaa'uun barattoota akka itti baratan taasisuu, Barsiisonni cimanii barattoota isaanii deeggarsa garagaraa kennuun barattoonni akka ciman taasisuu, manni barumsaa Bishaan Gurraachaa rakkoowwan mul'atan kan irratti xiyyeeffachuun furaa deemuudha" jedhanii

4.3. Gabatee Kitaaba barataa Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa agarsiisu

Gilgaalota dandeettii barreessuu shaakalchiisaniifi hin shaakalchiisne gabateedhaan yemmuu agarsiifamu.

Dandeettii barreessuu ni shaakalchiisa kan jedhu mallattoo agarsiifameera. ✓

Dandeettii barreessuu hin shaakalchiisu kan jedhu mallattoo. X

Kaa'uudhaan mirkaneessee jira.

D.B. D , (Dandeettii) **B, (**Barreessuu)

Gabatee: 4.3, Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 9^{ffaa} keessatti dandeettii barreessuu hojii garee shaakalchiisaniifi hin shaakalchiisne gabateedhaan yemmuu agarsiifamu

Boqonnaa	Barannoo	Gilgaala	Fuula irratti argamu	Qabiyyee (Mataduree) Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti argaman	D.B.daree . keessatti ni shaakalchiisas	D.B.daree keessatti hinshaakalchisu Shaakalchiisa
Boqonnaa Tokko	2	4,5	3	Dubbisuufi dubbachuu		X
	3	7,8	7-10	Afoola		X
	4	9	11	Shaakala keeyyata barreessuu	✓	
Lama	1	1,2	-14	Shaakala dhaggeeffachuu		X
	2	4,5,6	15-19	Dubbisuufi dubbachuu		X
	3	7,	20-21	Shaakala caas-lugaa		X
	4	8	22	Shaakala birsagaa	✓	
	5	9	22	Shaakala barreessuu	✓	
Sadi	1	1,2,3	23-29	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	30	Shaakala falmii		X
	3	5	30	Shaakala keeyyata barreessuu	✓	
Afur	1	1,2,3	31-36	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2		37	Shaakala caas-lugaa		X
		4	38	Shaakala gosoota gaalee		X
		5	39	Shaakala gosoota maqaalee		X
	3	6	40	Shaakala keeyyata Barreessuu	✓	
Shan	1	1,2,3	41-48	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	48	Shaakala caas-luga akaakuu fufiilee		X
		5	49	Shaakala maqaa akka maqibsaatti tajaajilamuu		X
		6	50	Shaakala Hennaa		X
Jaha	1	1,2,3	51-58	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	59	Shaakala sirna tuqaalee	✓	
		5	60	Shaakala Hennaa Amsiiqaa		X
	3	6	61	Shaakala keeyyata barreessuu	✓	
Torba	1	1,2,3	63-10	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	70-72	Shaakala sirna tuqaalee		
		5	73	Shaakala maqibsootaa		X

		6	74	Shaakala Hennaa Raawwima Ammeennaa		X
	3	7	74	Shaakala Afoolaa		X
Saddeet	1	1,2,3	75-80	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4,5	81-82	Shaakala bamaqaafi Hennaa		X
	3	6	82	Shaakala Afoolaa		X
Sagal	1	1,2	83-84	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4,5	85-86	Shaakala Hiikaafi Faallaa jechootaa		X
	3	6,7,8	86-89	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	4	9,10	89-90	Shaakala Gochimootaa		X
	5	11	91	Shaakala Hennaa Tarsiiqaa		X
	6	12	92	Shaakala Afoolaa (Dur-durii)		X
Kudhan	1	1,2,3	95-99	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	99-100	Shaakala Ragaa giraafiin dhiyaate barreeffamatti jijjiiruu	✓	
	3	5	101	Shaakala dubbachuu		X
	4	6	101-103	Firoomsee		X
	5	7	104	Gochibsaafi gosoota isaa		X
	6	8	106	Shaakala Raawwima Dabareennaa		X
Kudha-tokko	1	1,2,3	107-111	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	111	Shaakala Walsimannaa Mathimaa, Anthimaafi Gochimaa		X
		5	113	Shaakala Hennaa Murannaa		X
		6	114	Shaakala Sababaafi Bu'aa		X
Kudha-lama	1	1,2,3	115	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4,5,6	120-123	Shaakala Keeyyata Barreessuu	✓	
	3	7	123-124	Shaakala Hennaa Murnaalaa		X
Kudha-sadi	1	1,2,3	125-129	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	129	Shaakala Wal qabsiisotaa	✓	
		5	130	Shaakala Sirna Tuqaalee	✓	
Kudha-afur	1	1,2,3	131	Shaakala Dubbisuufi Barreessuu		X
	2	4	136	Shaaakala Yaada Haqaafi dhuunfaa addaan baasuu		X

	3	5	136	Shaakala Afoolaa (Mammaaksa ,Hibboofi Dudurii Addaan Baasuu)		X
	4	6	140	Shaakala Kaataaloogitti Fayyadamuu		X
		7	140-141	Shaakala Galmee Jechootaa Fayyadamuu		X
	5	8	142	Shaakala Seenaa Jireenyaa		
Kudha-shan	1	1,2,3	143-146	Shaakala dubbisuufi dubbachuu		X
	2	4	147-148	Shaakala Hiika Jechoota		X
	3	5	149-150	Shaakala Seera Loojikaa		
	4	6	150-152	Shaakala Afoola (Faaruu Daa'immanii)		X
Kudha-jaha	1	1,2,3	153-155	Shaakala Dubbisuufi Barreessuu	✓	
	2	4,5	156-158	Shaakala Qaaccessa Ergaa Walaloo		X
	3	6	159-160	Shaakala Ciigoo Bifa Walalootiin Dhiyaate		X
Kudha-torba	1	1,2,3	161-167	Shaakala Dubbisuufi Barreessuu	✓	
	2	4	168	Shaakala Afoolaa (Jechamootaa)		X
	3	5	169	Shaakala Malleen Dubbii		X
		6	170-172	Shaakala Mammaaksaa		X
Kudha-saddeet	1	1,2,3	173-179	Shaakala Dubbisuufi Barreessuu	✓	
	2	4	180	Shaakala Qubguddeessaa	✓	
		5	181	Shaakala Xalayaa Barreessuu	✓	

4.1.6.1 Qaaccessa gilgaalota Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa tti dandeettiiwwan barreessuu shaakalchiisaniifi hin shaakalchiisne adda baasu.

Gilgaalota Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa keessatti dandeettiiwwan barreessuu shaakalchiisaniifi hin shaakalchiisne adda baasu haala armaan gadiitiin yaada adda addaatiin deeggaramuun dhihaateera. Barreessuun adeemsa, barattootni maal akka barreessan caalaa akkamitti akka barreessan shaakalchiisa. Haalli akkasii immoo, jireenya barattootaa gara fuula duraa keessatti akka isaan barreessitoota ciccimoo ta`aniif gargaara. Hayyootni garagaraa faayidaa barreessuun barattootaaf qabu akka itti aanutti ibsu. Akka Zamel (1982:203) jettutti, "ogummaa barreessuu barsiisuu keessatti, barattootni akkaataa yaada ofii itti babal`isan, mata duree isaanii itti gabbisanii fi mala qorannoo fayyadamanii akkamitti akka hariiroo isaanii uumuu danda'an

barsiifamu". Kana malees barreessuu adeemsaa shaakalchiisuun faayidaa heddu akka qabu, Hyland (1978:14) *"The process approach is the most recent ideas and the approach suggested by many researchers. It may also be referred to as expressivism,"as it encourages writers to explore their beliefs, engage with the ideas of others and connect with readers*" jechuun ibsame.

Kitaabni barataa kutaa sagalaffaa kitaaba ministeera barnootaatiin bara 2005/2012/ qophaa`ee hanga ammaatti hojiirra oolaa jiruudha. Kitaabni kun, boqonnaalee 18tti qoqqoodamee jira. Tokko tokkoo boqonnaalee keessatti mata dureewwan dandeettii barreessuu barattootaa shaakalchiisuuf kitaabicha keessatti qophaa'an sakatta`amanii jiru. Haaluma kanaan boqonnaalee kudha saddeet (18) kitaabicha keessatti qophaa'an keessaa, boqonnaalee kudha afur (14) keessatti mata dureen kudha torba (17) kan gilgaalota digdamii shan (25) qabu dandeettii barreessuu akka shaakalan kennamaniiru. Boqonnaalee kudha saddeet (18) keessatti qophaa'an keessaa,boqonnaaleen afur (4) guutumaan guututti shaakala dandeettii barreessuu hojii garee of keessatti kan hin hammatamne ta'ee argameera. Boqonnaaleen, shaakala dandeettii barreessuu of keessatti hin ammatamne (hin qophoofne) kunneenis boqonnaa (5, 8, 9, 11,) dha, haata'uu malee gama matadureewwaniititti deebinee yemmuu ilaallu, boqonnaa Kudha saddeet (18) mata dureen guguddaan torbaatamii afur (74) kan gilgaalota dhibba tokkoofi kudha jaha of keessaa qabu (116) yemmuu ta'an kanneen keessaa dandeettii barreessuu of keessatti kan hin shaakalchiisne mata dureewwan shantamii torba (57) kan gilgaalota sagaltamii tokko (91) of keessaa qabaniidha.

Walumaa galatti qabiyyeewwan kitaabichaa qorattichaan sakatta'amee yemmu ilaallamu mata dureewwan dandeettiiwwan barreessuu barattoonni akka shaakalan qophaa'ee jiru kudha torba (17) kan gilgaalota digdamii shan (25) of keessaa qabu yemmuu ta'an, mata dureen gonkumaa dandeettii barreessuu kitaabicha keessatti hin hammatamne shantamii afur (57) kan gilgaalota sagaltamii tokko (91) kan of keessaa qabu akka ta'an qorattichaan sakatta'amee kitaabicha keessattis haalli qabiyyee dhiyaatee gahaa akka hin taane bira gahameera.

Gabatee 4.3.1. Qaaccessa gilgaalota dandeettiiwwan barreessuu shaakalchiisan adda baasu

Qaaccessa gilgaalotaa kana jalatti gilgaalotni barreessuu shaakalchiisuu boqonnaalee jala jiran jalatti gosa gilgaala kami jalatti akka ramadaman adda baafamanii ibsamu. Uunki gilgaalonni ittiin qoodaman Uunka Nunan (1989) gilgaalota itti qoode irratti hundaa`uudhaan kanneen gabatee keessa jiran haala armaan gadiitiin ibsamanii jiru. .

Gabatee: 4.4, Qaaccessa gilgaalota gosoota dandeettii barreessuutiin adda baasu

T/L	Akaakuu Gilgaalotaa	Boqonnaalee gilgaalota dandeettiwwan barreessuu of keessatti hammatan													
		1	2	3	4	6	7	10	12	13	14	15	16	17	18
1	Shaakala Keeyyata barreessuu	√	√	√	√	√	x	x	√	x	x	x	x	x	x
2	Shaakala barreessuu	x	√	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x
3	Shaakala sirna tuqaalee	x	x	x	x	x	√	x	x	√	x	x	x	x	x
4	Shaakala ragaa giraafiin dhiyaate barreeffamatti	x	x	x	x	x	x	√	x	x	x	x	x	x	x
5	Shaakala seenaa jireenyaa barreessuu	x	x	x	x	x	x	x	x	x	√	x	x	x	x
6	Shaakala seera loojikiitti barreessuu	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	√	x	x	x
7	Shaakala dubbisuuf barreessuu	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	√	√	√
8	Shaakala qub guddeessaa	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	√
9	Shaakala xalayaa barreessuu	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	x	√

‘√’ eeyyee ni shaakalchiisa ‘x’ lakki (miti) hin shaakalchiisu.

Gabatee lakk,’2’ olii kana keessatti akka agarsiifamanitti gilgaalotni boqonnaalee kitaabicha keessa jiran keessaa gosa gilgaalaa dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffataman yemmuu ta’an, Boqonnaaleen 1, 2, 3, 4, 6, 12, dandeettii barreessuu barattootaa gareen ta’uun keeyyata barreessuu akka shaakalan ta’ee, boqonnaa tokko jalatti gilgaalli sagalaffaan fakkiiwwan kitaaba keessatti kennaman irratti hundaa’uundhaan barattooni keeyyata gareen akka barreessanitti kan dhiyaateedha. Boqonnaa lama jalatti gilgaalli sagal hiriyyummaa shamarranii naannoo keessanii ilaalchisee keeyyata sadii-shanii qabu barreessuun dareef dhiyeessaa kan jedhuudha. Boqonnaa sadi jalatti gilgaala shan faayidaa Raadiyoo fi Televijiiniin dhukkuba hirrisuu irratti qabu keeyyata jechoota 150-200 qabu barreessuun dareef dhiyeessaa kan jedhuudha. Boqonnaa afur gilgaala jaha jalatti Mata duree “ Qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti gahee barattootaa“ keeyyata tokko kan jechoota 100-150 qabu akka barreessaniidha.Boqonnaa jaha gilgaala jaha jalatti mata duree keeyyat” “konkolaataafi xiyyaara“ jedhamee barraa’e dubbisuun fakkeenya isaatiin kan biro barreessuun dareef dhiyeessi” kan jedhuudha. Boqonnaan kudha lama gilgaala shan jalatti immoo barattoonni faayidaa barnootaa irratti hundaa’uun naannoo isaanii akkamitti akka hubatan, rakkoowwan isaan mudatan barnoota baratan bu’uureffachuun akkamitti jalaa bahuu akka danda’aniifi wantoota haarawa akka argachuu danda’an keeyyataan akka ibsatan kan taasisuudha.

Boqonnaaleen dandeettii barreessuu waa'ee sirna tuqaalee hojii garee keessatti shaakalchiisan 7, 13, yemmuu ta'an kanneen keessaa boqonnaa torba gilgaala afur jalatti, adeemsa seera barreeffamaa keessatti tajaajilli tuqaafi buufata xiqaa irratti hundaa'uun akka shaakalan kan taasisu yemmuu ta'u boqonnaa kudha sadi gilgaala shan jalatti immoo keeyyata barreeffamaan dhihaate keessaa dogogora sirna tuqaalee baasuun sirreessii keeyyaticha irra deebii barreessi kan jedhuudha.

Boqonnaa kudhan gilgaala afur jalatti raga waa'ee "faffaca'iinsa dibee 'HIV/ADIS' dubartoota ulfaa giddutti giraafiin dhiyaate gara barreeffamaatti jijjiiruun barreessaa" kan jedhuudha.

Boqonnaan kudha afur gilgaala saddeet jalatti Seenaa jireenyaa hayyoota armaan gaditti isiniif kenname barreessaa jechuun ajajamaniiru. Boqonnaa kudha shan gilgaala shan jalatti himoota seera loojikaatiin hin barroofne seera loojikaatti deebisuun akka barreessan taasifameera.

Boqonnaan kudha jaha gilgaala 1,2,3 jalatti walaloowwan garagaraa dubbisuudhaan isa irratti hundaa'uun walaloowwan naannoo keessanitti beekkaman barreessaa kan jedhu yemmuu ta'an ?

Boqonnaa kudha torba gilgaala ,2, 3, jalatti dubbisuufi barreessuu yemmuu ta'an gilgaalli lama jechoota ykn gaalewwan akka galumsa hiika isaaniitiin barreessi.kan jedhu yemmuu ta'u gilgaalli sadi immoo, dubbisicha armaan olii "Asoosama Garaa walitti nahe" jedhu erga dubbisteen booda gaaffiiwwan gaafatamtan muuxannoo keetiin walitti fiduudhaan deebii kee barreeffamaan kenni kan jedhuudha.

Boqonnaa kudha saddeet gilgaala 2,3, dubbisuufi barreessuu yemmuu ta'an, gilgaalli lama xalayaa hojii gilgaalicha jalatti dhihaate dubbisuudhaan fakkeenya isaatiin xalayaa hojii akka barreessan kan taasisuudha. Gilgaala sadi jalatti immoo xalayaa dhuunfaa kitaabicha keessatti dhihaate erga dubbisaniin booda fakkeenyuma sanaan xalayaa dhuunfaa barreessuu akka shaakalan kan taasisuudha. Gilgaala afur jalatti immoo himoota hanqinna qubguddeessaa qaban qopheessuun barattoonni gareedhaan qubguddeessa bakka galuu qabutti akka galchanii sirreessan kan taasisuudha.Haaluma kanaan barattoonni barreeffama barreessuu shaakalan keessatti qubguddeessatti fayyadamuun dandeettii barreessuu akka shaakalan kan taasisu yemmuu ta'u gilgaalli shan immoo akkaataa xalayaa dhuunfaafi xalayaa hojii ittiin barreessan kan shaakalchiisaniidha.

Walumaa galatti haala Nunan (1989). Gilgaalota qoqqoodeen yeroo ilaalaman gilgaalota kitaaba barataa kutaa 9^{ffaa} keessa dandeettii barreessuu shaakalchiisan gabatee lakk 2 jalatti **gosa** gilgaalotaa adda qoqqooduudhaan haala armaan gadiittii dhiyaateera**.**

**Gilgaalota odeeffannoo dabarsuu ykn odeeffannoo hira`ate guutan** yemmuu ta'an isaan keessaa boqonnaa 1,3,4,10,13,14,16, 18, qorattichaan sakatta'amee bira gahameera. Kana jechuun immoo, gilgaalonni kunniin barattoota akka odeeffannoo beekan yookiin waan ofii hubatan nama birootiif akka dabarsuu danda`an kan shaakalchiisuudha. Keessumattuu gilgaalonni sakatta`aman irra caalaan isaanii dandeettii barreessuu gareedhaan akka shaakalan kan ibsu hinjiru. Kun immoo, barattoonni gareen dandeettii barreessuu akka hin shaakalle kan taasisan keessaa isa ijoodha.. Kanaaf gilgaalonni kitaabicha keessatti barattoonni dandeettii barreessuu shaakalchiisuuf dhiyaatan gosa gilgaalotaa kana haala walfakkaataadhaan shaakalchiisuu qabu. Kitaaba kana keessatti kan irra caalaatti irratti xiyyeeffatame, gilgaala keeyyata barreessuut. Haata`u malee, gosti gilgaalota kanaa qofti barattoota ga`oomsuu hindanda`u. gosootni gilgaalotaa hundi walfaana ta`anii yoo dhiyeeffaman barattoonni wanta barreessaniifi barreessuu barbaadaniif sababa ga`aa qopheeffachuun yaada isaanii gareefi dhuunfaan maddisiisuun barreessuu shaakalu. Kun yoo hintaane garuu, barattoonni rakkoolee dandeettii barreessuutiif xiyyeeffannoo kennuu dhiisanii waanuma dhaga`an ykn dubbisan qofa waraqaa irratti deebisanii barreessuu malee yaada isaanii maddisiisuun barreeffama adda addaa barrssuun ofi madaalaa barachuuf hin dhiphatan.

Gilgaalota sababa ibsuu barbaadan Gosni gilgaalaa kun ammoo, odeeffannoo dhihaaterratti hundaa'uudhaan odeeffannoo haaraa akka maddisiisan taasisuuf sababa qabatamaa kandhiheessuudha.yaada dhiyaate tokko sababa quubsaa dhiyeessuun akka ibsan kan taasisuudha. **Fakkeenyaaf**, gaaffii soba/dhugaa gaafatamanii sababa dhugaa ykn soba jedhaniif akka barreessan kan taasisuu ta'ee, Boqonnaalee garagaraa jalatti Gilgaalota sababa ibsan keessaa muraasni haala armaan gadiitti ibsamaniiru. boqonnaa 7 jalatti gilgaala 4, barreeffama tokko barreessuu yemmuu shaakalan akkaataa sirna tuqaalee tti fayyadaman irratti xiyyeeffachuun kan wal shaakalchiisaniidha. Boqonnaa 17. jalatti gilgaala 3 dubbisicha garaa walitti nahe jedhu dubbisuudhaan waan irraa hubattan barreeffamaan dareef akka dhiyeessan kan shaakalchiisu ta'ee gilgaalonni kennaman salphaa irraa gara cimaatti akka shaakalanitti qopaa'eera.

Gilgaala yaada ofii ibsuu gaafatan

Gaaffiilee gilgaalota gosa kanaatiin dhihaatan haala dhihaate keessatti deebii fedhii, miiraafi ilaalcha kan adda baasanidha. Kan ammoo, odeeffannoo qabatamaa fayyadamuun yaadaa ofii ibsuuf gargaara. Haata'u malee, bu'aan isaa sirrii ta'uu yookiin sirrii ta'uu dhabuu kan mul'isu adeemsa tokko ta'e hinqabu. Fakkeenyaaf, seenaa jalqabamee takko yaada mataa ofiitiin xumuruu, marii dhimma hawwasummaa addaddaa keessatti qooda fudhachuu ta'uu danda'a. Haaluma

walfakkaatuun, Nunan (1989), gilgaalonni barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun qindaa'ee sadarkeeffama. Adeemsa tartiibeessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hundaa'an irraa ka'uun gara gilgaalota to'annaan dalagamaniitti adeemama. Dhuma irratti ammoo, gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattoota hirmaachisanitu dhahaata. Akka yaada Nunan kanarraa hubachuun danda'amutti, gilgaalli barnootaa dareetti barataaf dhihaatu sadarkeeffamuun qindaa'uu qaba. Haallii ittiin sadarkeeffamu ammoo, hubannoofi dandeettii barattootaarratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Innis, sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa xiyyeeffannaa keessa kan galche ta'ee, yaada kamtu dura dhufuufi kamtu itti aanee dhufuu qaba kan jedhuun kan walqabatedha. Sababni isaa, hubannoofi dandeetti barattootaa sadarkaa tokkooffaafi barattoota sadarkaa lammaffaa kan walgitu miti. Waan kana ta'eef, sadarkeessuun hubannoofi dandeettii barattootaa kan giddu galeessa godhate ta'ee, ogummaa barreessuu akkaasumas, ogummaa afaanii kamiyyuu sadarkaa sadarkaan qindeessuun kan walqabateedha. Karaa biraa, gilgaalonni salphaa irraa gara cimaatti, yaada ifaa ta'e irraa gara yaada walxaxxaatti, yaada murtaa'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qindaa'uu qabu (Nunan, 1989). Yaada kana gilgaalota barreessuutiin walitti fiduu ni dandeenya. Akkuma walii galaatti gilgaalotni kitaaba barnootaa keessatti qopheeffaman, gosoota gilgaalotaa olitti ibsaman keessatti hammatamu waan ta`eef, yeroo qopheeffaman akaakuu kana irratti hundaa`uu qabu.

Boqonnaalee garagaraa jalatti Gilgaalota yaada ofii ibsachuu gaafatan keessaa muraasni haala armaan gadiitti ibsameera. Boqonnaa 2, gilgaala 9, jalatti Haala walitti dhufeenya hiriyyootaa irratti hundaa'uun erga gareen mari'atanii booda barreeffamaan dareef akka dhiyeessan kan taasusuudha. Boqonnaa 15, gilgaala 5 jalatti,barreeffama kitaaba keessatti seera loojikiitiin hin barreeffamini seeratti deebisanii akka barreessan kan shaakalchuusuudha. Boqonnaa 17 gilgaala 2, jalatti jechootaafi gaalewwan asoosama keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uun hiika isaanii barreeffamaan daree akka dhiyeessan kan shaakalchiisuudha.Walumaa galatti gilgaalonni kennaman hunduu salphaa irraa gara cimaatti barattoota kan shaakalchiisuudha.

BOQONNAA SHAN

5.CUUNFAA,GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun baoqonnaa shanitti qoodamuun gaggeeffamee jira. Boqonnan jalqabaa seensa yemmuu ta`u walii gala qaama qorannichaa hunda isaanii gabaabbinnaa kan ibsameedha. Seen Duubee qorannichaa jalati yaada hayyoonni adda addaa wa'ee dandeettii barreessuu irratti kennan kan ibsameedha. Dandeettiiwwan kunneenis walduraa duubaan yommuu kaa'amu bakka gurguddaa afuritti kan qoodaman ta'uu isaaniit.

Kaayyoowwan qorannichaa gooroofi gooretti qoqqoodamuu isaa, mata duree qorannichaa "Sakatta`a raawwii dandeettiiwwan barreessuu keessatti barattoonni kutaa 9^{ffaa} barnoota afaan Oromoo irratti qaban" jedhuuf kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Sakatta'a Raawwii Dandeettiiwwan Barreessuu barattootaa keessatti barattoonni Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} Mana Barumsaa Bishaan Gurraachaa Sadarkaa 2^{ffaa} qaban addaan baasuun sakatta'uudha.

kaayyoon gooree kanneen akka Barattoonni daree keessatti barnoota afaan oromoo yemmuu baratan dandeettiiwwan barreessuu xiyyeeffannoon shaakaluu dhiisuu isaanii tarreessuu, Barsiisonni Afaan Oromoo barattoota isaanii yemmuu barsiisan raawwii dandeettiiwwan barreessuu xiyyeeffannoon hordofuun duub-deebii kennuufi dhiisuu isaanii ibsuu. Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa qabxiilee dandeettiiwwan barreessuu barattootaa shaakalchiisuuf qophaa'e kan akkamii akka ta'an tarreessuu, Maddi hanqinnoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa kutaa 9ffaa maal fa'a akka ta'an ibsuu, Hanqinnoota raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattootaa keessatti uumaman hambisuuf maaltu akka hojjatamuu qaban tarreessuu yemmuu ta'u.

Faayiidaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqinna qorannichaa tokkoo tokkoo isaanii jalatti ibsi itti kennamanii haala gaariin kan hojjataman tau'uu isaaniit.

Boqonnaa lammaffaa jalatti, Sakatta'a barruu yemmuu ta'u, barruu garagaraa kanneen akka maalummaa barreessuu, maalummaa hojii garee ciminaafi hanqina isaanii,rakkoowwan raawwii dandeettii barreesuu qaamota raawwii dandeettii barreessuu keessatti gahee qaban addaan bahee ibsi itti kennamee kan kan hojjatamaniidha.

Boqonnaa sadi jalatti mala qorannichaati. As jalatti saxaxa qorannichaaf ibsa fayyadame. Qorannichi mala akkamtaafi hammamtaa fayyadamuun gaggeeffamee jira. Jamaan qorannoo kanaa barattoota, barsiisota, isaan Afaan oromoo barsiisan sadi, dura bu'oota mana barumsaa Bishaan Gurraachaa fi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti qabiyyee kitaaba keessatti dandeettii barreessuu shaakalchiisan hunda. Ragaaleen qorannichaaf barbaachisanis funaannamee jira. Ragaaleen funaanamanis garee gareetti qoqqoodamuun mala ibsaa fayyadamuun qaacceffamaniijiru.

Boqonnaan afur immoo qaaccessa ragaati. Ragaaleen funaanaman akkaatuma garee garee isaaniitiin gaaffilee ibsi itti kennamee qaacceffamee jira.

Boqonnaa shan jalatti,Cuunfaa qorannicha, guduunfaafi yaada furmaataa qorannichaa matadureewwan kanneen jalatti ibsi gahaa ta'an itti kennamanii qaacceffamanii jiru. Walumaa galatti cuunfaan qorannoo kanaa haala armaa oliitti kan dhihaatan ta'uusaa qorattichaan mirkanaa'eera.

5.2. Guduunfaa (Argannoo)

Qaaccessa ragaalee qorannichaaf funaannaman irraa argaman irratti hundaa`uun, guduunfaan qorannoo kanaa akka armaan gadiitti kaa`amaniiru.

- Hanqini raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoota kutaa 9ffaa mudatan, akka raga garagaraa irraa argametti, Hanqina shaakala dandeettiiwwan barreessuu daree keessatti shaakaluu dhabuu, hanqina kaka'umsaa dandeettiiwwan barreessuutiif xiyyeeffannoo kennuu dhabuu barattootaati, barsiisonni shaakala dandeettiiwwan barreessuu yemmuu barattootaaf kennan barataan muraasaa qofti akka barreessanitti ragaa garagaraatiin qorattichaan bira gahameera.
- Barattoonni Keeyyata yemmuu barreessan raawwii dandeettiiwwan barreessuu kanneen akka qubeessuu, qubguddeessa seeraan fayyadamuu dhabuu ,sirna tuqaalee seeraan fayyadamuu dhabuu jechoota seeraan barreessuu dhabuufi kanaafi kan kana ta'uusaa eeramaniiru**.**
- Barsiisonni barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisan keessatti dandeettii barreessuu barattoota irratti xiyyeeffachuun hojjachuu dhabuu isaanii,daree keessatti barattoota addaan baasanii haala dandeettii isaanii hubachuun rakkoowwan isaan qabaniif deeggarsa wal irraa hincinne taasisuu dhabuu.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan dandeettiiwwan barreessuu haala karooraatiin barsiisuudhaaf wantoonni gufuu itti ta'an baay'ina barattootaa daree tokko keessatti argaman heddummachuu, wayitiin barnoota afaan oromootiif kenname gahaa ta'uu dhabuu, fedhiifi kaka'umsi barsiisotaa daree keessatti barattoota haala barbaadameen deeggaruudhabuu.
- kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} qabxiilee dandeettiiwwan barreessuu keessatti barattoota shaakalchiisuuf qophaa'an kanneen akka qajeelfamoota kitaabicha keessatti dhihaatan mata dureewwaniifi gilgaalonni dandeettiiwwan barreessuu irratti baay'inaan kan hin xiyyeeffatamne ta'uusaa akkasumas, qajeelfamoonni ifaafi haala gaariin kan hin hirmaachisne ta'uu isaati.

5.3. Yaada Furmaataa (Yaboo)

Argannoowwan qorannoo kanaa irratti hundaa`uun, Qorannoon kun kaayyoo qabatee ka`e galma an gahuun hanqinoota mul`ataniif yaada furmaataa akka armaan gadiitti eramanii jiru.

- Afaan Oromoo Naannoo Oromiyaa keessatti akka afaan tokkoffaatti barsiifama waan ta`eef, akkasumas Afaan hojii naannichaas ta'ee waan ittiin hojjatamaa jiruuf barattoonni mana barumsaa Bishaan Gurraachaa sad 2ffaa kutaa 9ffaa dandeettiiwwan barreessuu haala gaariin shaakaluun wantoota isaan rakkisu barattoota ciccimoofi barsiisota afaan oromoo barsiisan gaafachaa rakkoowwan ibsaman xiyyeeffannoon osoo shaakalanii hanqinnoonni eeraman kunniin qubeessuu, qubguddeessaa, sirna tuqaalee,qindoomina yaadafi kkkf hunduu ni furama jedheen yaada.
- Barattoonni ilaalcha afaanicha nibeekna jechuun dandeettii barreessuurratti xiyyeeffannoon kennan baay'ee xiqqaa waan taeef, dandeettiin barreessuu kan maatiifi hawaasa keessatti baratan osoo hintaane mana barumsaa keessatti akka baratamuufi ulfaataafi xaxamaa ta'uusaa hubataniii akkuma barnoota afaanii biroo saayinsii afaanii osoo shaakalanii gaariidha.

- Wayitiin barnoota afaan oromoo torbaanitti lama kan ture gara afurii hanga shaniitti fooyya'ee barattoonni daree keessatti irra deddeebiin Shaakaloota dandeettii barreessuu hojii gareetiin jecha, himaa, keeyyataafi qindoomina yaadaa qofa shakalchiisuu irra darbee barattootni barreeffamoota kanneen akka asoosamaafi kanaafi kan kana fakkaatan akka shaakalan kan godhu osoo ta`ee gaariidha.

- Barattoonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa yommuu barreeffama barreessan ijaarsa keeyyataatiif, qubeessuu, qubguddeessuufi sirna tuqaalee fayyadamuu, hima gaarii ijaaruu, filannoo jechootaa, qindoomina yaadaa, yaada maddisiisuufi seerluga afaanichaa eeguurratti xiyyeeffannoo kennuun osoo baratanii, barreessanii gaariidha.
- Barattoonni Afaan Oromootiin qubee sirriitti qubeessanii barreessuu akka danda'aniif, barsiisonni Afaan Oromoo jechoota barreessuuf barattota rakkisan gargar baasanii shaakalsiisuufi akka isaan wal shaakalsiisan sagantaa osoo mijeessaniifii gaariidha.
- Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa manneen barnoota Bishaan Gurraachaatti barsiisan shaakala barreessuu walitti fufaa barattootaaf kennuun, dandeettii barreessuu barattootaa ilaalchisee duubdeebii osoo kennanii gaariidha.
- Kitaabni barattoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti xiyyeeffannoo gochaalee barreessuu kenname xiqqaa waan ta'eef, qaama namoota kitaaba qopheessaniitiin osoo itti xiyyeeffannoon kennamee gaariidha.
- Rakkoon hanga ammaa jiru qubeessuu irraa kaasee, hanga barruu guutuu keessatti mul'ataa jiru, akka hir'atuuf, kutaa gadii jalqabee, hordoffii walirraa hincinne, shaakala dandeettii barreessuu fooyyeffachuuf osoo sirriitti xiyyeeffannoo argatee gaariidha.
- Namooni mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadan kamiyyuu kallattii qorataan kun ilaaleen qofa osoo hintaane, gama barbaachisummaa isaatiin osoo ilaalanii gaariidha. Akkasumas qorannoon kun Sakatta`a raawwii dandeettiiwwan barreessuu barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} irratti qaban qofa ture, namoonni biroo immoo, gama dandeettii dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuu fi seerlugatiin osoo ilaalanii jijjiiramni dhufuu danda'a.

WABIILEE

Addunyaa B. (2011). Akkamtaa: Far East Trading Plc. Fifinnee

Atkins, J.fi kanneen biroo (1998). Skills Development Methodology. Part II Addis Ababaa: Addis Ababaa university press.

_____.(1998). Skills Development Methodology. Part II Addis Ababaa: Addis Ababaa university press.

Bekan Gulumaa (2015). Tuujumaa: Saayinsii fi Dandeettiiwwan Afaanii Finfinnee Oromiyaa.

Berg, B. (2001). Qulalitative Research Methods Staff for the Social Sciences. California State university.

Brown, D. .(2003:343-346). Principle of Langauge learning and Teaching London: printice Hall,Inc

Byrne, D. (1988). Teaching Writing Skills. London: Longman Group Ltd. Cohen, A. and C. Caralacanti.

_____(1991). Teaching writing skills. New york. Longman.

Creswel,J.W, (2009). Qualitative, Quantitative and Mixed Methods Research Approach: Sage Puplication Inc.

Filee Jaallataa. (2016). Beekumtaa Oromoo I. Finfinnee, Raajii

Glazier,J.F.(1991). The least you should know about English: publication Fort worth: llarccout Brace Jovanivich College Publisher.

Hall, D. and Birkerts, S. (1991). Writing well (7thed.). Harper Collins Publishers.

Hamid Mude. (1995). Hamid Muude`s Oromo Dictionary, Vol. 1. Atlanta: Sagalee

Oromoo Publishing Inc

Heaton, J. B. (1988). Writing English Language Tests (New Ed). London: Longman

Hyland, K. (2003). Genre-based pedagogies: A social response to process. Journal of second language writing, 12(1), 17-29.

Kelly, M.J. and Deboraa L.L.(1998). Odyssey: Aguide to Better writing Allyn Boston: Aviacoin company.

Kumar Ranjit, (1999). Research Methodology A step by step Guide for beginners: London, Sage

Leki (1989). Academic Writing: Techniques and Tasks. New York: St. Martin‟s press.

Mc Whorter, K. (1997). The wirteres express New york Houghton Miffiin Company .

Merga Debalo .(2007). Sakattaa rakkoolee raawwii hojii garee mana barumsaa Amuruu sadarkaa lammaffaa gola barnoota Afaan Oromoo irratti.kan hojjatame Finfinnee

Mercer, N.(1988).Language and Literacy from an Educational Perspective. Great Backinmgham: Open University press.

Nunan, D. (1989). Designing task for the communicative Classrom. Cambridge: Cambridge University Press

_____1992). Research Method in Language Learning. Cambridge: Cambridge University Press.

Qalamuwa Nugusee (2011). xiinxala qabiyyeewwan kitaabilee barnoota afaan oromoo kutaalee 6ffaafi 7ffaa

Richards, J.C. .(1990). From meaning in to words: writing in a second or forign language. The Langauge teaching matrix. Cambridge: Cambridge. University press.

Richards J.C. & Renandya (2001). Methodology in language teaching:

An anthology of current practice, (pp.254-266), Cambridge: Cambridge University Press

Sisay, M.(2002). Introduction to writing skills. Addis Ababa: Berhanena Selam printing Enterprise.

Tashoma Balaayi.(1998). “Mala Afaan Barsiisuu:” Yuuniivarsiitii Jimmaa. Kan hin maxxanfamin.

Yalew Endawok (1998).Teachers Beliesf,Knowledge and Practice of Learner Center Approach in Schools of Ethiopia.The Ethiopian Journal of Education,Vol.xxiv No.2 pp.17-39.

Zamel, V. (1982). Writing: The process of discovering meaning. TESOL Quarterly, 16(2), 195-209

Zoltan Dornyei (2007). Research Methods In Applied Linguistics:Quantitative and Qualitative

Kelly,w. and Lawton. D. .(2006). Odyssay: from paragraph to essay (4th ed. Pearson Longman press

DABALEE A

YUUNIVARSIITII DILLAA

SAGANTAA DIGIRII 2FFAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMATTI MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO

MATA-DUREEN QORANNOO, SAKATTA'A RAAWWII DANDEETTIIWWAN BARREESSUU AFAAN OROMOO KEESSATTI BARATTOONNI KUTAA 9FFAA QABAN

Bargaaffii Barattootaan mana barumsa B/Gurraachaa sad 2ffaa kutaa 9ffaa tiin Guuttamu

Kaayyoo guddaan bargaaffii kanaa barattoonni Mana Barumsaa Bishaan Gurraachaa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa barreeffama Barnoota Afaan Oromoo yemmuu barreessan dandeettii barreessuu keessatti wantoonni gufuu ta'an maal maal akka ta'an addaan baasuun yaada furmaataa dhiyeessuuf Waan ta'eef, bargaaffii kana guutuudhaan deebiin isin naa kennitan hundaa ol murteessaa waan ta'eef, bilisaan, ifaafi amantaan deebii gaafannoo kanaa naa kennuu keessaniif kabaja guddaan qaba. Icciitiin raga kanaas qorannoo kanaaf qofa kan oolu ta'usaa nan mirkaneessa.

Baay'ee Galatoomaa!

Gabatee: 5.1. Duubee odeefkennitoota barattootaa

Saala	Baayina	Kutaa	Umrii						Ida'ama
			15	16	17	18	19	20fi isaa ol	
Dhi	33	9ffaa	-	4	7	11	4	7	33
Dha	27	9ffaa	-	10	11	4	1	1	27
Ida	60	9A - 9D	-	14	18	15	5	8	60

Qajeelfama *Bargaaffii Barattoota kutaa 9ffaa f Dhiyaate*

I. . Gaafficha irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.

II. Gaaffiiwwan dhiyaatan erga dubbistanii hubattanii booda, deebii sirriidhaa jettan bakka duwwaa isiniif kennametti barreessuun deebisaa.

Bulchiinsa Magaalaa /Godina/ _____ Mana Barumsaa _____

Umrii_____ Saala .Dhi _____ Dub_____

Odeeffannoon duubee barattootaa ragaa guutuu kennan saala, umrii sadarkaa barnootaa isaanii ibsu waliin haala armaan gadiitiin gabateedhaan kan ibsamaniidha.

1. Wantoota armaan gadii Raawwii dandeettiiwwan barreessuu keessaatti dhiibbaa fidan jettanii kan yaaddan tartiibaan
(walduraa duubaan) 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa…. Kaa'i.
_____Barsiisotni dandeettii haalaan waan na hin barsiisneefi
_____Hir'ina shaakalaa
_____Hir'ina kaka'umsa
_____Hir'ina seera barreeffamaa hubachuu dhabuu
_____Afaanicha beekna jechuun seeraan barachuu dhabuu
_____
_____Dandeettiiwwan barreessuurratti gilgaalonni gahaan kitaaba barattootaa keessatti
Dhuunfamuu dhabuu
_____Barsiisaan kee waanta barreessiteef duubdeebii kennuu dhiisuu (kana karaa kana sirreessi kun dogoggora jedhee waraqaarratti yaada barreessuu dhiisuu.
Kan biroo yoo jiraate haaibsamu_____
_____
_____
2. Barsiisaan yookiin barsiistuun kee shaakala barreeffama kan akka abbaltii, battallee, qormaataa, hojii garee yommuu siifkennu/kennitu dogoggorakee waraqaa ykn dabtara irratti siif barreessaa/sitii?
a. Eeyyaan……..
b. Miti …….
c. Hin shaakalsiisan ……..

3.Dandeettiiwwan arfan keessaa kamtu guddisee sitti ulfaata?
a. dhaggeeffachuu … C. Dubbisuu…..
b. dubbachuu ….. D. barreessuu ….
4. Dandeettiiwwan armaan gadii keessaa kamitti fayyadamuuf filatta?
a. Dubbachuu….
b. Barreessuu…..
5. Deebiinkee kamiyyuu yoo ta'e, maalif? Gabaabsii ibsi.
_____
_____
6. Yemmuu yaada kee barreeffamaan ibsattu
a. Sitti salphata …….
b. Sitti cima……..
Deebii filatteef ibsa gabaabaa kenni.
_____

_____
_____
7. Keeyyata afaan oromootiin yemmuu barreessitu rakkoolee qabda?
a. Eeyyan ……
b. Miti ……
8. Deebiin kan kee “eeyyeen” yoo ta’e, iddoo rakkoolee kankee yaadota armaan gaditti Tarraa’an 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa…. Jechuun sadarkaadhaan kaa‟i.
_____ Filannoo Jechoota
_____Seerluga afaanichaa eeguu
_____Hima gaarii ijaaruu
_____Yaada maddisiisuu
_____Walqabatiinsa yaadaa eeguu
_____seeraan Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhabuu
_____Qubeessuu
_____Qubguddeessuu

Kan biroo yoo jiraate haa ibsamu

9. Wanti sitti dhagahamu yoo jiraate haa tuqamu.
10. Rakkoolee gurguddoo raawwii dandeettiiwwan barreessuu gufachiisan jettanii yaaddan kan biroo yoo jiraate tarreessaa. Yaada furmaataas kennaa.

.

Rakkoolee gurguddoo
_____

_____

_____

Yaada
Furmaataa_____

_____

_____

Gargaarsa keessanii galanni koo guddaadha!

DABALEE B

YUUNIVARSIITII DILLAA SAGANTAA DIGIRII 2FFAA

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMATTI MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO

MATA-DUREEN QORANNOO, SAKATTA'A RAKKOOLEE RAAWWII DANDEETTII BARREESSUU AFAAN OROMOO HOJII GAREE KEESSATTI BARATTOONNI KUTAA 9FFAA QABAN

Gabatee:2 Duubee OdeefKennitoota barsiisota Mana Barumsaa Bishaan Gurraachaatti ragaa kennan saala, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojii barsiisummaa isaanii ibsu waliin haala armaan gadiin gabateedhaan kan ibsamaniidha.

Gabatee: 5.2, Duubee odeefkennitoota barsiisotaa

Saala	By b/s	Umrii		Sad barnoota	Muuxannoo hojii						
		30-35	36-40	41-45	46 ol	Dig	Mas	1-10	11-20	21-30	31 ol
Dhi		-	-	2	-	1	1	-	1	1	-
Dha		-	1	-	-	-	1	-	1	-	-
Ida		-	1	2	-	1	2	-	2	1	-

Afgaaffii Barsiisotaaf dhiyaate

Kaayyoo Afgaaffii kanaa

Kaayyoo guddaan afgaafii kanaa raawwii dandeettiiwwan barreessuu Barnoota A/O barattoota M/B B/G sad 2ffaa kutaa 9ffaa keessatti qabatamaan barsiisuuf wantoonni gufuu ta'an maal maal akka ta'an addaan baasuun yaada furmaataa kennuuf Waan ta'eef, afgaafiikana guutuudhaan deebiin isin naa kennitan Hundaa ol murteessaa waan ta'eef, bilisaan, ifaa fi amantaan deebii afgaafii kanaa naa kennuu keessaniif kabaja guddaan qaba. Icciitiin raga kanaas qorannoo kanaaf qofa kan oolu ta'uusaa nan mirkaneessa.

Qajeelfama I. Gaafficha irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.

I. Godina / Bulchiinsa Magaalaa/_____Aanaa _____ ____ Magaalaa

II. Gahee hoji _____taayitaa deebisaa /tuu _____ Umrii /waggaa/_____

III. Saala Dhi Dub.

IV. Sadarkaa banootaa Digirr1ffaa ☐ Digirr 2ffaa ☐

V. Kutaa Barsiistu 9-10 ☐

11-12 ☐

9-12 ☐

VI. Muuxannoo hojii : /waggaa / 0-5 , 5 -10, 11 -15, 16 fi o1

1. Kanneen armaan gadii keessaa waantota dandeettii barreessuu barattoota afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan tartiibaan 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa…. Jechuun walduraaduubaan sababa isaa waliin gabaabsii ibsi. Barsiisotni dandeettii haalaan waan hin barsiisneef, Hir'ina seera barreeffamaa hubachiisuu dhabuu, Hir'ina shaakalaa, Dandeettii barreessuutiif xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, Barattotakeef waanta barreessaniif duubdeebii kennuu dhiisuu, Dandeettii barreessuurratti gilgaalonni gahaan kitaaba barattootaa keessatti dhuunfamuu dhabuu

2. Barattoonni kee, keeyyata afaan Oromootiin yommuu barreessan rakkoolee adda addaa qabanii?

a. Eeyyeen……. b. Lakkii……

3. Deebiinkee "eeyyeen" yoo ta'e, iddoon rakkoolee barattotakee armaan gaditti tartiibaan 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa… jechuudhaan sababa waliin ibsi.

4. Dandeettiiwwan afaanii keessaa dandeettiin barreessuu ulfaataa yookiin xaxamaadha jedhama maalif sitti fakkaata? Gabaabsii ibsi.

_____

_____

_____

5. Barsiisaa/ttuu, akkuma muuxannoo qabdutti barreeffama barattootaa keessatti rakkoolee qubeessuu, qubguddeessuu, filannoo jechootaa, seerluga afaanichaa eeguu, hima gaarii barreessuu, sirna tuqaalee iddoo barbaachisaa ta'etti fayyadamuu, keeyyata barreessuu

keessatti dogoggorri adda addaa ni mul’ata, wantoonni dhiibbaa kanaaf barattoota saaxilan maalfa’i? Gabaabsii ibsi.

_____

_____

_____

_____

6. Gilgaalota dandeettii barreessuu cimsan hojjechiisuu irratti ka’umsi barattoonni qaban maal fakkaata?

A. Rakkina barattootaa

B. Rakkina qabiyyee kitaabichaa

7. Akka barsiisaa yookiin barsiistuu tokkootti kitaabni barattootaa hamman dandeettii barreessuu of keessatti dhuunfateera? Gabaabsii ibsi.

_____

_____

_____.

8. Hojii daree, battallee, abbaltiifi qormaata keessatti dandeettii barreessuu hamma dhuunfachiifta? Yaadakee ibsi.

_____

_____

_____

9. Akka barsiisaa yookiin barsiistuu ta’uu keetti dandeettii barreessuu haalli barsiiftu dandeettiiwan biroo waliin gahaadha jettee amantaa? Gahaa miti yoo jette sababakee ibsi.

_____

_____

_____ Filannoo Jechoota

_____Seerluga afaanichaa eeguu

_____Hima gaarii ijaaruu

_____Yaada maddisiisuu

_____Walqabatiinsa yaadaa eeguu

_____seeraan Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhabuu

_____Qubeessuu

_____Qubguddeessuu

Kan biroon yoo jiraate haa ibsamu

_____

_____

_____.

10. Rakkoolee gurguddoo raawwii dandeettiiwwan barreessuu gufachiisan jettanii yaaddan kan biroo yoo jiraate tarreessaa. Yaada furmaataas kennaa.

.

Rakkoolee gurguddoo _____

_____

_____

Yaada Furmaataa_____

_____

_____

Gargaarsa naa gootaaniif duraan dursee galatoomaa isiniin jedha!